

# Maarqoos

## Barsiisa Yesuus ganamaa



Ibsituu Kitaaba Qulquulluu haala  
salphaan dubbifamuu garee fi  
dhuunfaan qo'atamu



Fireed Moorisin qophaa'e



Kutaa tokko:  
Boqonnaa 1  
hanga 8 ti

Sagalee  
Waaqayyo  
isa jiraataa  
Itoophiyaaf

## Dubbistootaa ykn hoggantootaa

Ibsituun Kitaaba Qulqulluu kun dhugaa sagalee Waaqayyoo haala salphaan dubbifamuu fi hubatamuun danda'uun ibsa. Kitaaba kana dhuunfaanis ta'e gareen ta'uun Kitaaba Qulqulluu qo'achu warra barbaadaniif ni ta'a. Hogguu gareen qo'attan namu kitaaba ofii fi Kitaaba Qulqulluu dhuunfaatti qabaachuu gaariidha.

Kitaaba kana keessa odeeffannoo hedduutu jira. Suuta jettanii qalbiidhaan akka qo'attan isin gaaffa. Wanna qo'attanii fi hubattan haalaa fi jirenya keessan keessatti raawwachuu akka Waaqayyo isin gargaaru cimsaa kadhadhaa.



“Dubbisa” yeroo kana argitan, isin ykn hogganaan keessan otoo kitaaba kana hin dubbisin dura dubbisa Kitaaba Qulquluu dubbisuu qabdan.



“Mariiyadha” iddo kana argitanitti, gaaffileen irratti dubbistoonni akka lakkofsa Kitaaba Quqlulluu qalbifatan isaan gargaara.



iddoo mallatto kana argitanitti, gaaffileen jiran yeroo fi gommii barbaadu.



Saanduuqa ajaja: Yeroo kana argitan, odeeffanno achi keessa jiru keessattu bartoota barsiisotaa fi lallabdoota Kitaaba Qulqulluu kan qophaa'edha.

Dubbisni Kitaaba Qulqulluu dabalataas isiniif kennameera, innis akka odeeffanno dabalataa argattan akka isin gargaaruufi. Waaqayyo akka isin itti dubbattan itti fayyadameera. Kanaafu dubbisa hunda dura ykn amma sakkatta'un manatti booda qo'achuuf isin fayyada. Dubbisnii gariin kakuu moofaa (KM) irraati, isa “barroo qulqulluu” nuyi jennudha. Inni qaama barroo dhaloota Kiristoosin dura lafa kanarra tureeti. Barroon gariin ammoo kakuu Haarawaa (KH) irraati, qaama kitaaba Yesuus Kiristoos lafa kanarra jiraateen boodaati. Mannaa, ibsitun Kitaaba Qulqulluu dhugaa Waaqayyoo akka bu'uuraatti amantoota hundaaf dhyeessa. Namoonni qo'annoo kana geggeessan muxannoo fi hojmaata ofi jirenyaa fi aadaa kiristaanummaa ofiisaaniirra itti kicanirra.

Suuraaleen mirga kooppii © Neetworkii Rikoordii Giloobaan (NRG) ni qaban. Hayyamaanis fudhatame.

**Mark Part 1 © 2001, 2008 Fred Morris, Manna Publications (USA) Inc. All rights reserved**

**God has enabled us to print this title in the following countries:**

**Revised Worldwide Easy English edition first published in the UK in 2001**

Reprinted 2001 in Kenya (English).

Reprinted 2002 in India (Tamil), Uganda (English), Kenya (Swahili), Sudan (Dinka).

Reprinted 2003 in Swaziland (English), Malawi (Chichewa), Kenya (Bari for Sudan), Uganda (English), Ethiopia (Amharic).

Reprinted 2004 in Kenya (English and Swahili), Pakistan (Urdu), Uganda (English).

Reprinted 2005 revised edition in Myanmar (English and Khumi Chin), Liberia and Uganda (English)

Reprinted 2006 in Zambia, Liberia, Tanzania and Sierra Leone (English) and Myanmar (Mizo Chin)

Reprinted 2007 in Ghana for Niger and Burkina Faso (French); in Ghana for Niger (Hausa); in Nigeria (March and May) Kenya and Uganda (English); in Burundi (Kirundi); in People's Rep. Congo (French)

Reprinted 2008 in Liberia (English) and Togo (French)

Reprinted 2013 in Malawi (Chichewa). Reprinted 2015 in Malawi (Chichewa including Braille)

Reprinted 2016: Malawi (Chichewa). Reprinted 2017: Sierra Leone (English)

Reprinted 2018: Equatorial Guinea (Spanish). Reprinted 2019: Malawi (Chichewa)

Reprinted 2021: Malawi (Chichewa). Reprinted 2022: Malawi (Chichewa)

Reprinted 2023: Malawi (Chichewa), Mozambique (Chichewa), Ethiopia (Oromo)

## **ODUU GAMMACHIISAA YESUUS KIRISTOOS IRRATTI 3** **GABAASA MAARQOOS**

Oduu gammachiisaa Waaqayyoo Maarqoosiin barreeffame barroo jirenya Yesuus Kiristoos Kitaaba qulqulluu keessatti barreeffaman afran keessaa isa lammafaadha. Amanaan dargaggoo kiristaana ta'e, Joon Maarki jedhamuun baroota DB 42 fi DB 44 gidduutti, fannifamuu fi du'aa ka'u kiristoosin booda turee kan barreeffamedha. Innis waan Yesuus jedhee fi godhaa ture hunda Pheexroos irraa barate. Pheexroos ammoo bartoota ykn duuka buutoota Yeesuus keessaa isa tokkodha. Maarqoos yeroo Pheexroos barsiisuu fi lallabu akka yaadannoo qabataa tureetti tilmaamama. Wantoonni raawwatamanidha; lafti kun amma Israa'el jedhame beekkama. Kitaabni Maarqoos irra caala torbee xumura Yesuus utuu fannifamee hin du'iin dura jiruu ballisee nutti hima. Yeroo Yesuus deebi'ee lubbuutti dhufu fi deebi'ee gara abbaasaa dhaquuf gara samiitti ol bahuu xumura. (Waaqayyotti)

Maqaan Waaqayyoo inni afaan Ibroota Yaahiweedha. Inni tokkicha dhugaa Waaqa isa Yihudoonnii fi kiristaanni hundi waaqeffatudha. Ilmisaa moo Yesuus, Masiihicha, ergamaa Waaqayyoo, fayyisaa biyya lafaati. Innis wagga 2000 dura dubree yihudaa, Maariyaam, jedhamtu irraa dhalate.

Boqonnaan duraa saddeeti wangeelli Maarqoos hojii barsiisaa fi fayyisaa Yesuus Kiristoos nutti hima, ilmasaa nuuf erge; Yesuusiin, akka nuuf du'utti. Yesuusis adabbi cubbuu unurra gahuuf ture ofiitti fudhatee, kanaafis nuyi fayyine. Inni fayyisaa keenyadha. Namni kamuu, eessayyu jiraatu kan Waaqayyoon waaqeffatuu fi Yesuusitti amanu hundi jirenya bara baraa ni qabaata. Maqaan Yesuus inni afaan Ibroota Jeeshuwaa ykn Ooshuwaadha. Innis "fayyina" ykn "fayyisaan Waaqayyodha" jechuudha.

### **MAARQOOS EENYUU?**

Joon Maarqoos nama yihudaa ta'ee, maqaa yihudaa hin qabnedha. Pheexroos waan Maarqoosiin jaalatuuf 'dhala koo' (1Phex 5:13) jedhaan. Haati Maarqoos mana guddaa Yerusaalem keessa qabdu keessa jiraatti magaalaa guddoo Israa'el godina Yihudaati. Oduu gammachiisaa Yesuus Kiristoos dhageessee amante. Kiristaanoni biroonis manasheetti walargun ni kadhatuu, ni waaqeffatu. (HoE 12:12)

Hoggantoonni amantii hedduun duuka buutoota ni qabu, namoonnis akka hojiisaanii hordofaniif, isaan irraa baratan ni godhu. Maarqoos, Pheexroos isa duuka buutuu Yesuus, kan inni dubbateefi godhe barsiisu ni dhaggeeffata ture. Maarqoos gaheessichi Yesuus masiihi (Kiristoos) ta'uu ni amanee fudhate.

Sobni yihudaa yeroo dheeraadhaaf dhufatii hogganaasaanii Waaqayyoon abdachiiifamanii eegaa turani. (Fayyisaa ykn ergamticha) sabni sunis ergamtichi akka diina irraa ittisutti beekani keessattuu Roomaanoota lafasaanii to'atan jalaa.

Maarqoos durpii Barnaabaasidha. Du'aafi biyyatti himuuf Phaawuloosiifi Baarnaabaas wajjin gara Eeshiyaa xiqqootti (Turkitti) waliin godaane. Garuu isaan dhiseeti gara manaatti Yerusaalemitti deebi'e. Phaauloos imalasaa

Iallabaa itti aanu keessatti isa fudhatee waan hin barbaanneef ture. Qoophiroositti cehe. Booda, Phaawuloosiifi Maarqoos deebi'ani hiriyoota walii ta'ani. Phaawuloosis mana hidhaa keessaa "Maarqoosin simadhaa" jedhee barreesseera. (Qolaasiyaas 4:11)

Maarqoos isa barreesse keessatti Yesuus Kiristoos 'ilma Waaqayyooti' jedhee barreesseera. Yesuus ofisaatin ilma namaajechuun of yaameera. Kun maqaa Waaqayyo raajoota isaaf kennedha; namoota ergaa Waaqayyo biyyatti himuuf filataman (Hizqeel 12:2) Garuu Waaqayyos Yesuus ilmasaa ta'uu dubbateera (Maarqoos 1:11, 9:7)



### MARIYADHAA

1. Waa'ee Maarqoos maalfaa beeknaa?
2. Maarqoos waa'ee Yesuus maal baratee?
3. Raajoota Waaqayyoo kaan irraa Yesuus maalin adda ta'aa?

## WAA'EE YESUUS MAARQOOS MAAL JEDHAA?

Waaqayyo akka Yesuusin deessuuf dubree geessuu Maariyaam jedhamtu filate (Luqaas 1:26-35; 2:1-20 jiru dubbisaa) wangeela Maarqoos kutaa duraa keessatti, hogguu umrii 30 gahu waan Yesuus gochaa ture dubbifanna. Yesuus hojii Waaqayyoo hojjechuuf dhufe; hojii abbaasaa. Warra beelahan nyaachise. (Marq 8:1-13). Warra dhibaman fayyise (2:1-12). Afuurri hamaan akak nama gadhiisan akeekachiise. (9:14-32) Warra du'an kaase (5:42) Dinqiin kun inni Waaqayyo biraa ergamee dhufuusaaf akka mallattoo ta'uufidha. (Yoh 1:14 ilaala). Maarqoosis Yesuus ilma Waaqayyo ta'uu akka barru ni barbaada. Yesuus wangeeladha, oduu gammachiisaa Waaqayyoo yoo nuyi ilmasaatti amanne cubbuu keenya akka nuuf dhiisu kan nutti himedha.

Kitaabni Qulqulluu namni hundi cubbamuu nutti hima (Rom 3:23) Nuyi cubbuun guutamnee dhalanne, kanaafis Waaqayyo nuyin fayyisuuf ilmasaa nuuf erga. Wanni guddaa Yesuus nuuf godha gatii cubbuu keenyaa nuuf du'be. Akka cubbuu keenyaaf adabbiitu nuu eeggata ture. Inni gidirfamee du'uuf dhufe. Garuu moo cubbuu malee nama dhalatedha. Nuyi waan cubbamoota taaneef du'uun isaaf ta'a. Silaa du'uun isaaf hin ta'u ture. Garuu Kitaabni Qulqulluu Yesuus nuyiif jecha du'uuf akka dhufe nu barsiisa; bakka keenya. Kanaafu yoo nuyi ilmasaatti amanne, Waaqayyo cubbuu keenya nurraa kaasa. Wanni kun kitaaba Qulqulluu keessatti, odoo Yesuus hin dhalatiin waggoota dhibba dura kan waadaa galamedha.

## GUYYAA DURAA YESUUS LAFARRAAN



### Dubbisaa: Maatiwoos boqonnaa 1 fi 2 fi Luqaas 1 fi 2

Maatiwoos; Luqaasii fi Yohaannis waa'ee oduu wangeela Yesuus Kiristoos seenaa ofisaan barreessan Maatwoosii fi Luqaas waa'ee dhaloota Yesuusii fi durbisaa, Yohaannis cuuphaa nutti himaniiru. (Maarqoos waa'ee seenaa kanaa homaa nuun hin jenne)

Hogguu Yesuusii fi Yohaannis dhalatan Romaanonni lafa biyya Israa'el



## **Wantoota 20 barroon qulqulluu waa'ee Yesuus kakuu moofaa (KM) keessatti dubbate fi akkamitti kakuu haarawaa (KH) keessatti dhugaa bahan**

1. Yesuus, masih abdiin kenname (Kiristoosi) ilma Waaqayyoo ti, fayyisaa keenya (KM: Deb 18:15), Ermi 23:5, Isa 53:12, KH: Matt 16:16, Marq 1:11, Luq 2:11, Ibr 7:25)
  2. Yesuus fayyisaa abdin kennamedha (KM: Isa 35:5, 6, KH: Marq 2:12, 7:35, 8:25)
  3. Yesuus hidda mootii Daawit keessaa dhufe (KM: Isa 9:7, KH: Matt 1:1)
  4. Waaqayyo akka abdachiiisetti sanyi Abraaham lafarr eebbisuu (KM: Uma 18:18, KH: Matt 1:1, HoE 3:25)
  5. Yesuus Beetelihemitti dhalachu sanyi/biyya yihuda irraa dhalachuu (KM: Mik 5:2, KH: Matt 2:1)
  6. Yesuus dubree yihudaa hin heerumiin, dhiiraan wal hin argin irra dhalate (KM: Isa 7:14, KH: Matt 1:18)
  7. Ijoolummaan, Yesuus baraarsaaf gara Misiritti geeffame (KM: Hos 11:1, KH: Matt 2:14,15)
  8. Yesuus ummata barsiisuuf naannoo Galiilaa dhaqe (KM: Isa 9:1, 2, KH: Matt 4:13, 14)
  9. Yesuus 'raajii jabaa' jedhame Museen yaamame (KM: Deb 18:15, KH: Yoh 6:14; Hoe 3:22)
  10. Yesuus, luba bara baraati, cubbuu keenya nuuf dhiise (KM: Far 110:4, KH: Ibr 6:20)
  11. Yesuus gabnaa fi hubataadha (KM: Isa 11:2, KH: Luq 2:52)
  12. Yesuus sabasaan hin jaalatamne (KM: Isa 53:3, KH: Yoh 1:11)
  13. Yesuus harree yaabbate, akka mootii garraamiiti Yeruusaalem keessatti simatame (KM: Zak 9:9), KH: Matt 21:2-9 fi Yoh 12:12-16)
  14. Yesuus duuka buutuusaa tokkoon ganame (KM: Far 41:9 KH: Marq 14:10, 18-20)
  15. Yesuus saantima soddomaaf ganame (KM: Zak 11:12, KH: Matt 26:15)
  16. Yesuus waa'eesaa soba dubbatamee (KM: Far 24:12 KH, Matt 26:59-61)
  17. Yesuus hoggu dhadhacha dhiyaate hin dubbanne. (KM Isa 53:7, KH: Matt 26:62, 63)
  18. Yesuus yakkamtoota wajjin fannifame (KM: Isa 53:12, KH: Matt 27:38)
  19. Yesuus harkaafi miila urani (KM: Far 22:16, KH Yoh 19:37 fi 20:27)
  20. Yesuusitti kolfamee arrabsameera (KM: Far 22:6-8, KH: Matt 27:39,40)
- Ragaan hedduu KH keessaa gara KM agarsiisu ni jira. Wangeela Maarqos keessatti qofa raga 50 oltu jira fi wangeela Maatiwoos keessa 80 oltu jira.

jedhamtu to'atu ture. Awugistoos yihudooni hundi akak maqaa galmaa'an ergaa dabarse. (Luqaas 2:1). Yihudooni Israa'el keessa jiraatan meeqa akak ta'an adda baafachuuf barbaade. Kana gochuufis Yihudooni gara lafa dhalootasaaniitti godaanuu qabu turani. Namni maqaansaa Yoseef jedhamu tokko durbee Maariyaam jedhamtu naqatee ture. Isaanis gara magaalaasaatti galmaa'uuf imalaaf gara Beeteliheemitti ka'ani.

Maariyaam ulfa ture. Dubartii hin heerumneef ammoo ulfaawuun baayye gadhee ture. Yommuu akka beeku Maariyaamin yoo dhiise gaarii ta'uun ni hubate (Mat 1:19). Garuu ergamaan Waaqayyoo abjuun itti dubbate. Innis ulfi kun dinqi

Waaqayyoon ta'uu siritti hubate. Maariyaamin akka niitiisaatti fudhate. Hanga Yesuus dhalateen duubatti wajjin hin cifne ture. (1:25) yeroo isaan Beetelihem jiran Yesuus dhalate. Yesuus ilma Yoseef miti. Inni ilma Waaqayyooti, sanyi Maariyaam keessatti faca'era, isa afuura Quqlulluu irraa dhalate. (Matt 1:18,20) Waaqayyo waan kana godheefu ilmisaa cubbuu malee dhalate.

## NAMOONNI BARBAACHISOO YESUUSIIN DAAWWATAN

Tiksooni holota iddootti daa'imticha Yesuusin arganii fi isa Waaqeffachuu danda'an isaanitti himame. (Luq. 2:12) Mul'ata ergamtoota Waaqayyo irraa dinqiin kun isaanitti himame. Waaqayyo dhalachuu ilmasaa isa Beetelihem namoonni gadi badii irraa akka dhagahamu jaallate. Innis masiihicha, Yesuus Kiristoosidha.

Yeroo kanatti Heroodsi inni mooticha Qeesaariin muudame biyya Israa'el bulcha ture. Heroodsi yeroo sana baayye gara jabeessaa fi hammeeny qabat ure. Gaaf tokko namoonni gurguddo gara bahaati gara masaraa Heroodsi dhaqan. Nuyi isaan kana "hayyoota sadan" jennaan. Isaanis daa'ima boru mootii yihudootaa biyya Israa'el ta'uuf dhalate daawwachuu dhaqan. Isaanis urjii haarawaa bakkalcha mul'ateen durfama adeeman (Matt 2:2) Garuu Yesuus masaraa mootummaa keessa hin turre. Eessa tureree? Heroodsi abbootiin amantii akka itti himan gaafata. Isaanis waa raajichi Milkiyaas kitaaba qulqulluu keessatti waa'ee kiristoos akkani Beeteliheemitti dhalatu barreffamu (Mik 5:2) himaniif. Iddoon itti daa'imtichi Yesuus jirus achuma. hayyoonni sunis kitaabasaanii dubbisaniit turan. Karaa issa sirriirra durfamaa garasaa deemanii. Herood garuu bakkasaa namni yihudaa akka mootomu fedhii hin qabu. Kanaafis daa'ima Beetelihem keessa turan hundumaa ajjeechise (Matt 2:16) wanni gaddisiisaa odeeffannoo hayyoota irraa argameen hammeenyi akkanaa raawwatamuusaati.



### Yesuus fayyisaan keenya : Waaqa guutuu, naam guutuudha.

KQ Yesuus Waaqayyo bifaa namaan jiru ta'uu barsiisa. Inni guutuu Waaqayyo, gadamessa Maariyaam keessatti dinqii afuura quqlulluun uumame. Inni nama guutuu, miira nuyi qabnu kan qabu, kan cubbuu hin qabnedha. Waaqayyo addunyaa ofi uume keessatti ijoollee ta'e jiraachu barbaade. Yesuus ilma Maariyaami. Afuurri qulqulluu Waaqayyoo sanyii kana Maariyaam keessa facaase.

Kanaaf Yesuus ilma Waaqayyo jedhame. Jechoonni Yesuus jechoota Waaqayyooti. Yesuus abbaa koo jedhuuti. Yesuus waan Waaqayyo fakkaatu nutty agarsiise waa'ee dhugaa Waaqayyoos nutty hime. Inni waan garaa Waaqayyoo keessa jiru ni beeka.

Yesuus ilma namaas jedhama. Waggoota 30 oliifis akka namaatti jiraateera. Akkuma nuyi goonutti jiraateer; beelaha fi dhibamaa, gammachuufi michoomaan, gaddaa fi ?, akka daa'ima gargaarsa malee, akka nama ajaja laachuun, abboomii abbaasaa eeguu fi du'a hammeenyaaan gidirfanuu dabarseera.

Maariyaamii fi Yoseef daa'imticha Yesuus fudhatani gara biyya Misiritti baqatani (Matt 2:13). Ergamaan Waaqayyoo maal gochuu akka qaban itti himaa fi boodas gara Naazireetitti akka deebi'an isaan gargaare (2:22,23) magaalaan kun iddo Yesuus waggoota 30 oliif yeroo lafarra ture keessa jiraachaa turedha. Namoonni achi turanis akka Uma Yoseef isa muka tolchu sanatti beekuun.

Yesuus hanguma umriin guddachaa adeeme gummaanis qaroomaa deeme. (Luq 2:52) Garuu namoonni hedduun ergamoonni Waaqayyoo Yesuus akka fayyisuu dhufe Kiristoos, masihicha isa abdiin kennname ta'uu dubbatan. (Luq 2:11) Raajichi simoon, yesuus ibsaa Waaqayyoo qabatee gara warra al-yihudaatti akka dhufee fi ulfina moo yihudootaaf akka fide dubbata (2:32) Raajittiini Haannaa yesuus fayyisaa (cubbuutti kan dhiqu ta'uu) namni Yeruusaalem guutuun isa eegu ta'uu dubbatte (2:38)

Wangeelli akkaataa Luqaasiin Yohaannis cuuphaan, baatii jaha Yesuus dursee dhalate (Luq 1:5-24; 57-66) Innis dhalachuunsaa dinqii Waaqayyoo ture. (1:7,13) Garuu moo inni ilma Waaqayyoo miti. Inni ilma Zakkaariyaati. Maarqoos karoora Waaqayyo Yohaannisiif qabu ture nutti hima (Armaan gad ilaala)

### **MARIYADHAA**

1. Ergamaan Waaqayyoo abbaa Yohaannisitti (Luq 1:13-20) fi haadha Yesuus (1:26-38) fi Yoseef (Matt 1:20-25) ti dubate. Wanna isaanitti himameef akkamitti deebii kennan? Kanarrraa akkamitti waa barachuu ni dandeenyaa?
2. Hayyooni gurguddo gara bahaa dhufan sun waa'ee mootichaa yesuus qajeelfama fudhatanii? Warreen tiksootaa waa'ee Yesuus akkanitti baratanii? Nuyi woo akkamitti qajeelfama jireenyaa Waaqayyo irraa argachuu dandeenyaa (Yoh 14:26)?
3. Namoonni akka Maariyaam mootichi Herood, hayyoon gurguddoo gara bahaa, tiksoonni hoolotaa Beetelihem, simoonii fi Haannaan Yeruusaalem jiraatan waa'ee Yesuus maal yaaduu? Atiwoo waa'ee dhalachuu Yesuus maal yaaddaa? Yesuusuma ta'uu ni amantaa?

 Akekni Waaqayyo Yesuusiif qabu inni raajotaa fi ergamotoa Waaqayyoon mul'ate (Matt 1:20-22, 2:6, Luq 1:32-35, 2:10-11) maal turee?

## **CIINCHAA LAMMEESSOO – Yesuus fayyisaa keenya.**

### **Dubbisaa : Maarqoos 1:1-13 (Matt 3:1-17 fi 4:1-11, Yoh 1:19-34)**

Waggoota 13 duraaf namoota ijoo ta'an hundaa wangeela Maarqoos keessatti argina.

- Yohaannis cuuphaa : isa gammoojji keessatti lallabe (1:4)
- Yesuus, ilma Waaqayyo, isa Waaqayyo bira dhufe (1:9)
- Waaqayyo, Afuura Qulqulluu, isa Yesuusirratti bu'ee isa qajeech (1:10,12)
- Seeyxaana, isa Yesuus qoruu dhufe (1:13)
- Ergamotoa warra Yesuusin gargaare (1:13)

Yohaannis cuuphaa akka raajoota Waaqayyooti kafanata kaniinni jiraatee fi dubbatu akka ergamoota Waaqayyotti (1:6). Wanna raajiichi Milkiyaasii fi Isaayyaas waggoota 700 dura raajan dhugoomse. Isaanis sagalee ergamticha 'karaa gooftaa qopheessaa!' jedhu dhagahuusaanii dubbatani (Milk 3:1, Isa 40:3) Maarqoosis sagalee raajootaatti fayyadameet eenyummaa Yohaannis (Marq 1:2, 3) keessatti nutti hime.

Waaqayyo utuu hin dhalatiin dura afuurasaan guuteen, akka hojiisaa isaaf hojjetu. (Luq 1:13, 41) Yohaannis "dhiifama cuubbuu fi qalbi diddiradha cuuphamaa" jedhee biyyatti himuuf (Marq 1:4) gara lafaa dhufe. Yeroo namoonni garasaa dhufanii dogoggora dur hojjetaniif dhiifama gaafatan inni moo isaan cuupha ture. Innis bishaan keessa isaan buusee baasa ture. Kunis biyya lafaatti maal agarsiisaa akka isaan cuubbuutti qulqulla'an ture. Qalbi diddiirrachuu jechuun dogoggora darbeef dhiifama gaafachu, irraa dugda galuu fi Waaqayyoof abboomamu jechuudha. Cubbuun keenya isa hojenne qofa odo hín ta'iin isa yaadnus dabalateeti. Wanna dubbannu, wanna goonuu fi wanna gaarii gochuu dagannu hunda dabalata. Cubbuun Waaqayyo irraa adda nu baasaa, Waaqayyo isa sirrii, gaarii fi qulqullu cubbu maleeyi irraa adda nu baasa. Bishaan keessa cuphamuu jechuun Waaqayyo jirenya keenya xuraawaa duraa irraa dhiqee nu quqlulleessee jirenya haarawaati ofitti nu dabarseera jechudha.

Waaqayyo saba Israa'eel diinootasaanii jalaa baasee dabarse akka isaan jiraachisu kakuu galeefiira. Waaqayyo fayyisaa akka ergu kakateera. Raajonni kitaaba qulqullu keessaan kana dubbataniiru. Garuu waggoota 400 oliif raajiin gameessi hin turre, kanaafis baayyon abdii buusaniiru. Achii Yohaannis dhufe. Innis karaa Yesuusiif masiihichaaf, qopheessuuf dhufe. Yohaannis masiihicha miti. Yohaannis waa'ee Yesuus biyyatti labse – innis namni baayyee barbaachisa ta'e akka isa duubaan dhufu dubbate (1:7,8)



### MARIYADHAA

1. Yohaannis cuphaan maal dalaguu dhufee (1:4,8)?
2. Yohaannis waa'ee Yesuus maal jedhee (1:7)?
3. Yohaannis odo isaan hin cuubiin dura warra biyyaa maal isaan gaafatee? (1:4)?
4. "Qalbii diddirachuu" jechuun maal jechuudhaa?
5. "Cuuphamuu" jechuun maal jechuudhaa?



Karaa maaliin karaa hojii wangeela Yesuusiif qopheessuu ni dandeenyaa?

## YOHAANNIS YESUUSIIN CUUPHE

Yesuus magaalaa Galiilaa irraa gara laga Yordaanos dhufe Yohaannis moo isa cuuphe (1:9 Matt 3:13; Yoha 1:32-34) Yesuus qalbii jijiirrannaan hin qabu, inni cubbuu hin qabu waan tureefi (Ibr 4:15) Yohaannis Yesuusin cuube sababa waan sirrii ta'eefi ture. (Matt 3:15). Kunis karoora Waaqayyo qabuu fi namoota biroo agarsiisuuf sirrii ture.

Yohaannis kan dhufe karaa hojii Yesuusiif haala mijeessuuf ture. Kunis karoora Waaqayyuntii Yohaannisii fi Yesuusiif qabu ture.

Yesuus hogguu bishaan keessaa bahu, Yohaannis dinqii sadii argee – dhagahes:

- a) Waaqxi samiirra baname
- b) Afuurri qulqulluu Yesuusirra qubate
- c) Waaqayyo samiirraa dubbate “kun ilma koo ...  
isan itti gammadudha” jedhe. Kiristaanoni  
Yesuus wayita biyya lafaarra ture ilma Waaqayyoo  
hin turre. Inni ilma Waaqayyoo isa bara  
baraa yeroo jalqabaas turee Yeroo  
xumuraas jiraatudha' jedhanii amanu.

Kiristaanoni sadacha Waaqayyo, Abbaa, Ilmaa fi  
Afuura qulqullu tokkumaatti amanu.

Yohaannisis akki jedhe “Ani afuura qulqulluu  
Waaqarra gad bu'u arge. Innis (afuurri  
quqlulluu) bifa gugeen isarrati (Yesuusirra)  
bu'e. Isumarras ture. Amuu mataan koo inni  
(Yesuus) eenu ta'uu hin beeku. Garuu Inni  
(Abbaan) ana ergate akkan biyya cuubu na godhe natii hime.

Innis “Afuura samiirraa bu'ee namarra qubatu ni argita. 'Namni sunimmoo afuura  
qulqulluun biyya cuuba' naan jedhe. Afuurri yemmuu isarra qubattuun arge,  
kanaafis isinitti hime. Namni kun ilma Waaqayyooti. (Yoh 1:32-34 TSB)



Garaagarteen cuuphaa Yohaannisin kennameefi Yesuusin kennamee:

- Yohaannis mallattoo qalpii diddiranna fi dhiifama cuubbuuf akka odutti  
bishaaniin cuubaa ture (1:4)
- Yesuus qalbi diddiranna fi dhifama cubbuufakkuma Yohaannis bishaanii  
cuubeetti amantoota hundumaaf ammoo cuubbaa afuura qulqulluu moo  
akka jiru abdii kenne (1:8, Luq 24:49)

Hogguu Yohaannis Yesuusis Yesuusiin cuubu (1:9) Yesuus cubbuusaa himachuu  
isaa hin barbaachifne ture.

- Cubbuu hin qabu waan tureef (Ibr 4:15)
- Inni ilma Waaqayyo waan tureef (1:1)
- Inni afuura qulqulluun guutameera (1:10-11)  
Isaan kun dhugaa bu'uuraa amantii kiristaanummaati. Kana booda Yesuus  
seeyxaanaan akka qoramuuuf ergame (Matt 4:3-9 ilaala)



## MARIYADHAA

1. Yohaannis, Yesuusiin akkamitti beekuu danda'e (Yoh 1:32-34)?
2. yesuus maaliif Yohaannis lagatti akka isa cuubu gaafachu danda'e (Matt 3:15)?
3. Waaqayyo abbaan waa'ee yesuus maal jedhee (1:11)?
4. Seeyxaanni karoora Waaqayyoo cabsuuf akkamitti yaalii godhee (Matt 2:16;  
4:1-11)
5. Waa'ee dhugaa amantii kiristaanummaa isa lakk 1, 8-12, keessati kennamee  
yaada keessaniin dubbadha.

6. Lakk 13 keessatti waa'ee dhugaa seeyxaanaa fi ergamoota dubbattame irraa dhugaa maal barannaa?



### **DUBBISAA : Maarqoos 1:14-20 (Akkasuma Matt 4:1-22, Luq 4:14, 15 fi 5:2-11 isa jiru dubbisaa)**

## **ODUU GAMMACHIISAA WAA'EE YESUUS KIRISTOOS**

Yohaannis cuuphaan namoonni qalbii diddiratanii Yesuus isa masihichatti (Kiristoositti) amanan waame. Nuyi wayita dogoggora keenyaaf dhifama gaafanne, gocha sanirraa garagalle qalbi diddiranne jechuudha. Yohaannis, hoggu mooticha Heeroodin miitii obboleessa isaa fuudhuun isaaf dogoggora ta'uu himuuf. Herodi moo isa hisise. Garuu Heerood qalbii hin diddiranne ture. Booda moo Yohaannisiin ajjeechise (6:14-29)

Garuu seeyxaanni Waaqayyoon hin fudhanne, nuyinis homtu nun argamne. Waaqayyo waan hunda ni beeka, humnas ni qaba. Inni waan hundaa dhalatu danda'us ni to'ata (Isa 46:9-10)

Waggoota dhibbaan lakka'amnaiif sabni yihudaadhaa masihiicha eeggachaa turani. Hogganaa harka diinootasaanii jalaa isaan baasu barbaadacha turan, harka Roomaanotaa jalaa. Garuu Waaqayyo sana dura gochasaanii bada irraa fagaatanii garasaatti akak garagalan barbaade. Barroonni qulqulluu akka nutti himanitti namoonni gaggaarii Waaqayyoo Yihudoota baraaruu yaalan hedduun fi haaraa badiisaanii fi badinsa ormaaf ka'an hedduun ajjeeffamaniiru. Raajonni yihudaa namni isaaniin fayyisu tokko akka dhufu raajaniiru. Namni kun ykn fayyisaan (Masihiichi) nama hundaa fayyisuuf yihudootaa fi al yihudoota ni dhufa. Namni kun wanna gaafa Addaam cubbame sana nu harkaa facaate hunda deebisee nuu ijaaruuf jira. Kanaafis dhiigasaa itti dhangalaase. Namni kun Yesuus. Yesuusis mootummaan Waaqayyoo dhiyaatteetti. Laphee saboota keessa ta'eeti isaan fayyisaa isaan qajeelcha.

Maarqoos 1:14, 15 lakk furtuu ta'edha. Hojji wangeela Yesuus sababa kenu. Sagalee Waaqayyoo ni lallabee, ni barsiise. "Cubbuu keessan irraa garagalaa deebi'aa amanaa" jedhe.



### **MARIYADHAA**

1. Yesuus saboota maal barsiise (1:1, 15)?
2. Maaliif namoonni qalbii diddirratuu (1:15)? fakkaa – qalbi diddirrachuun maali?



### **Maqoonni Maaroosin Yesuusiif kennaman**

Yesuus Kiristoos (1:1)

Ilma Waaqayyoo (1:1 fi 3:11)

Yesuus Naazireeta (1:24)

Quqlullicha tokkicha Waaqayyoo (1:24)

Gooftaa (1:3 fi 7:28)  
Ilma namaa (2:28 fi 8:31)  
Gooftaa Sanbataa (2:28)  
Ilma warra guddaa (5:7)  
Muka sooftuu (6:3)  
Kiristoos (Masihiicha) (8:29)

## YESUUS NAMOONNI HOJII AKKAISA HORDOFAN YAAME

Yesuus galaana Galiilaa cina deema. Obboleeyyan lama arge, simoonii fi Andiriyaas, yerooisaan kiyoo saaphanaa qurxummii gara galaanichatti darbanii (1:16) Yesuusis isaan yaameeti “koottaa na hordofaa” jedheen. Waa'ee mootummaa Waaqayyoo isaan barsiisuu barbaada. Yesuus namootuma wayitti hin galle akka isa hordofan yaamuusaa hin dagatniinaa.

Hogguma sana qurxummii kiyyeessuu dhaabanii isa duukaa bu'an. Yaamicha Yesuus dhagahanii amantiidhaan isa duukaa bu'uuf fudhachuun barbaachisaadha. Innis namoota kiyyooftuu qurxummii kanaaf abdii kenne. Odoo quruxummii hin taanee akka namoota kiyyeessitan isin godha jedheen (1:17) isaanis Yesuusiin gargaaranii namoota fayyisuuf isa wajjin ka'an.

Indiriyaas duuka buutuu Yohaannisdha. Yohaannis dhiisee Yesuus duukaa bu'e. Indiriyaas gara obboleessasa simoonitti deebi'eeti. “Masihicha argina (Yoh 1:40, 41) jedhen. Kan hunda caalaa itti maxxane taa'e. Booda, Yesuus Simooniin “Maqaan kee keefaadha” jedheen. Suun Pheexoos wajjin tokkummaa afaan Giriikin, hiikkaansaas Maarqoosiin akka waa'ee Yesuus beekuuf isa gargaaredha.



Yesuus moo Filiphosis akka isa duukaa bu'uuf gaafateera. Filiphosi moo Naatinaa'elin gaafate (Yon 1:43-49) Naatinaa'el moo yesuusin “ati ilma Waaqayyoti, mooti Israa'elootaati” (Yoh 1:49) ittin jedhe. Yohaannis cuuphaatti aanee waa'ee Yesuus beekutti isa jalqabaa ta'uu hin oolu. Yeroo kana Yesuusis waa'ee ergamoota Waaqayyoo kaasuudhaan ni mirkanseef (Yoh 1:51). Ilma Waaqayyo qofatu ergamoota Waaqayyoo qaamaan isaan beeka.

Duuka buuttonni Yesuus hojisaani hunda galanii isa wajjiin ka'an namoota 12 turan.

Yesuus duuka buutoota isaa amma barsiisuufi warra kaanimmoo mootummaa Waaqayyoo fi karoora Waaqayyo cubbamtootaa qabu barsiisuutti ka'e.



**DUBBISAA : Maarqoos 1:21-28 (Akkasumas Luq 4:31-37)**

## YESUUS LALLABUU FI FAYYISUU EEGALUUSAA

Yesuus gara mana sagadaa (iddoo walgeetti aadaa yihudootaa) qifrinaahom jiruu dhaqee ummata barsiise (1:21) Barsiisa isaatti ni dinqaman. Hoggantoonnisaanii yeroo mara Dilbata seera Waaqayyoo Ummataaf dubbisu. Yesuus moo mootummaa Waaqayyoo humnaan barsiisu eegale. Kanas isaan barsiisuuf mirga akka qabu dubbate (1:22). Jechootasaa keessaa humna qaba. Mootummaan

Waaqayyo akka dhiyaateeru dubbate kanaafis gara eebbasaatti akak dhiyaatan gaafate.

Seyxaanni sagalee Waaqayyo balleessuu hin dandeenye ture. Yesuus akka hin barsiifnee fi hin lallabne garuu danqaa turte. Sagalee Yesuus humnaa waan qabaniif ni iyisiisu ture. 'Maal nurraa qabda Yesuus warra Naazireet? Nu balleessuu dhuftee?' jechaa namoonni qululluu Waaqayyo – eenyu akka taate ni beekna (1:24) iyyanii ni yaa'u turan. Wanni akkasitti isaan dubbisu afuura hamaatu isaan keessa jira. Yesuusi moo ni beeka. Inniyyu namicha odo hin taane afuura xuraawaa namicha keessa jiru ta'uu. Yesuusis 'caldhisi? Keessaa yaa'i' jedheen. Afurri sunis namicha raaseet keessaa yaa'ee bahe.

Ummannis baayye raajeffate. Innis afuurri hamaa maal gochuu akka qabu abboome afuurichis isaaf ajajame' jedhan (1:27)

Afurri hamaa akka dubbatu Yesuus hin hayyamu sababnisaas isaanis eenyu akka inni ta'e isa beeku. (1:25:34) Yesuus seeyxaana, hoggana afuura hamaa, eenyu ta'usaa akka dubbatu hin hayyamneef. Seeyxaanni eenyummaa yesuus akka biyyatti himus hin barbaadne. Sana dura ummanni waa'ee eenyummaa fi barsiisa Yesuus arganii jirani; afurri xuraawanis isaaf ajajamaniran (1:27,28) Baayyonni eenyu akka ta'e amananiiru. Sababa dinqi inni hojjeteefi sababa dhugaa Waaqayyoo humnaan dubbateef.



### MARIYADHAA

1. Yesuus namoota akkamii duuka buutoota godhee filatee?
2. 'Warra nama kiyyeessani qaban isini taasiisaa' jechuun Yesuus maal jechuudhaa?
3. Duuka buutee Yesuus jechuun maal jechuudhaa? (1:17-20)
4. Barsiisa Yesuusiin maaliif ummanni raajeffatee (1:22)?
5. Afurri hamaan wayita Yesuusin argan maaltu dhalatee?



### DUBBISAA ; MAARQOOS 1:29-45 (Akkasuma Luq 4:38-44)

## PHEEXROOS MANATTI YESUUSIIN AFFEERE

Qifrinaahoom magaalaa Kaaba galaana Galiilaatti argamtudha. Yesuus achitti mana simoon Pheexroos tureera. Amaatiin Simoon dhukkubsatte. Kanaafis Yesuus garashee dhaqeet harkashee qabee kaatee akka dhaabatu gargaare. Ho'ii qaamashiis ishii dhiifnaan kaatee isaan tajaajiluu eegalte. (1:31) Yesuus humna Waaqayyoo ittin dinqii hojjetuu fi dhibamaa fayyisu ni qaba.

Gaafa sana jiraattooni magaalitti maaltu akka dhalate dhagahanii balbala manittiitti walghan. (1:33) warra dhukkubsatanii fi afuurri hamaan dhuunfate gara sanatti guranii fidan. Yesuus hundumasaanii fayyisee. Barsiifni Yesuus beekkamti haa argatu malee hojii lallabuu isarrati danqaa itti uume.(1:28, 37, 38, 45)

Guyyaa itti aanu Simoon Pheexroos warra kaan waameeti Yesuusiin barbaada bahan. Inni garuu dammaqeetuma halkan sana keessa kadhachuuf adda baheera. (1:35) Abbaasaa Waaqarratti dubbata. Kadhanni humnaafi fedhi Waaqayyootti isa tursa; fedhii Abbaasaa yeroo kadhataa qabaachuun iddo caldhisattti barbaachisa.

Pheexroosis Yesuusiin barbaade "Namni hundi waa'ee kee dhagahee si barbaada" jedhe itti hime. Yesuusiifi moo ummatatti dubbachuun rakkisaa ture – dinqii kana caalu arguu barbaadani (1:37). Yesuus moo 'mandara itti aantu mee ni dhaqna' jedhe. Yesuus iddoodhuma tokkotti fixee akka darbee hinlallabne danquu hin barbaadne. Oduu gammachiisaa Waaqayyo darbee deemee lallabuu barbaade. (1:38). 'Kanaafin dhufe' Kanaafis isaan gama Galiilaa keessa fulla'anii yesuusi iddo walgetti saanitti itti dubbatte. Afuura hamaas ummata keessaa yaase (1:39).

## YESUUS NAMA QURCII FAYYISE

Yesuus dhibamtoota fayyisuu ittuma fufe. Inni dhukkubsataan qurcii ture. (dhukkuba gogaa qaamaa hamaa). Garasaa dhufe. Jilbeeffatee Yesuus akka isa qulqulleessu kadhate. (Namoonni dhibee qurcii qaban magaalaa fi gandarra bahanii jiraatani) 'ni beeka yoo fedhii kee ta'e na fayyifta' jedheen. Yesuus waa'eesaaf ni gadde. Innis harkasaa diriirsee tuqeen. Akkas jedheen "Ni fedha. Fayyi.' si'a takkaan namichi fayye. Qaanisaas qulla'e (1:42) yesuusis itti aansee 'dhaqi qaama kee lubootatti agarsiisi...' Namichis dhaqee agarsiisuun fayyinasaa mirkanfate. Achii boodas gara warra firootasaatti deebi'e. Kana booda kophaa jiraachuu fi xuraawaa! Xuraawaa! Jechaa iyyuunis hin oooleefi.

Yesuus namicha fayye biroo moo akkanni namatti hin himne dhorkeen (1:44) Garuu namichi abbuma argetti dubbate. Yeroo san dura Yesuus akka garaasaatti socho'ee sabatti lallabuu ni rakkata ture. Sababnis waan namni isa dhaggeeffatuu yaa'eru hedduu tureefi. (1:45) Isaan moo gammojjii keessallee wajjin yaa'ani.



### MARIYADHAA

1. Yesuusi yeroo namicha qurcii sana fayyise, maaliif nama tokkottuu hin himiin jedheen?
2. Namichi inni fayye sun qaamasaa warra lubootaatti agarsiisuun maaliif barbaachisee (Lew 14:2)?
3. Yesuus maaliif guyyaa san kadhatee (1:35)?
4. Yesuus eessattifaa lallabee (1:38,39)?



Hojii wangeelaa yesuus afran maalifa'iidhaa? (1:14, 21, 25, 31)

Bu'aan hojii wangeelaa yesuus irraa argame maalidha(1:17, 22, 28, 32)?

Akka Waaqayyo hojii wangeela ykn mul'ata isini kennuu kadhhatani



## DUBBISAA : MAARQOOS 2:1-12 (Akkasuma Luq 5:18-26)

### YESUUS NAMA NAAFA FAYYISE

Yesuus gara mana Simoon Pheexroositti deebi'e. Ummanni baayye kana dhagahee garagalee dhufuun hanga iddoon dhaabatan hanqatutti mana guutan (2:2) Yesuus dhugaa sagalee Waaqayyoo isaaniif lallabe. Sababa innis sagalee Waaqayyoo ta'eeef. Inni sagalee Waaqayyo qaamaan jirudha. Sagaleen Waaqayyo aduu gammachiisaa (wangeela) jaalala Waaqayyo Yesuusiin mul'atedha.

Manneen Israa'el kan ijaaraman dhagaa gurguddaa fi qoqqonidha. Irra deemuun ni danda'ama.

Kaan ammoo baaxii mukaa fi baala ykn ruufaan ijaaramu


Namoonni afur hiriyyasaanii naafa ture baatanii, gara mana Yesuus jirutti fidan. Garuu seenuu hin dandeenye; kanaafis baaxiitti ol bahanii saaquaun sreedhumasaatiin gadi buusani, miila yesuus jala godhan. Waaqayyo amantiin namoonni waan gaarii akka godhan ni gargaara.

Namoonni amantii qabanis waan gootummaa ni godhan sababnis waan Waaqayyotti amananiifidha. Yesuus amantiisaanii argeef isa dhukkubsateen "Cubbuun kee hundi siif dhiifameeraa" (2:5) ittin jedhe.

Fariisonnii fi barsiiftonni seera Muusee ta'an muraasni waan yesuus jedhetti dhagahanii, amanani. Garuu harki caalaan ni komatani "Eenyu cubbuu namootaaf dhiifama kan godhoo? Kana Waaqayyo qofaatu danda'a (2:7) Inni maqaa balleessituudha jedhaniin. Maqaa balleessuu jechuun faallaa Waaqayyoo dubbachuu (Far 74:18, Isa 52:5, Rom 2:24) jechuudha. Bara KM, yihudoonni nama maqaa balleessummaan isaan biratti komatame dhaqaadhaan waqaranii ajeesu ture. (Lew 24:11-14) Garuu dhugaa Waaqayyoo waa'ee Yesuusirratti qabu hubachuu hin dandeenye.

Yesuus moo waan isaan yaadan ni beeka ture. "isa kam jechuutu irra wayya" jedhee isaan gaafate. "Cubbuun keessan isiniif dhiifameera" ykn "ka'ii, sreee kee baadhoo deemi" jechuutu irra wayya turee jedheen kanas kan jedheef ilma Waaqayyoo ta'uusaa beeksisuufi biyya lafaarratti humna akka qabuu fi cubbuudhaa dhiisuu fi fayyisu akka danda'u agarsiisuufi (2:9,10) kanaafis namicha fayyise.

Namni hunduu inni dhibame ka'ee gara manasaa yoo deemu arganii



Waaqayyoon galateeffatan “Waan akkanaa kana amma dura hin argine” (2:12) jedhani.

Lakk 2:10 keessatti Yesuus “ilma namaaf” jedhee of yaameera. Jechi ‘ilma nama’ jechu Waaqayyotu kitaaba quqlullu keessatti Hizqeelin ibsuuf fayydame, raajicha Waaqayyoof Daani’eel fi Yohaannisis yeroo Yesuusin yaaman ‘ilma nama’ jedhaniiru. Eenyutu humnaa fi aboo Waaqayyo waliin jiraa (Dan 7:13, 14, Mul 1:13-18)

Lakkoofsi kun waa’ee Kiristoos dhugaa biroo nu barsiisa bu’uura amantii aboo fi humna Waaqayyoo ittin cubbuuf dhiifama godhu qaba (2:10)

Dhumarratti, ‘ani kaniin dhufe cubbamoota argee akka ana hordofan taasisuudha’ (2:17) jedheera. Kun hanguma hardhaatu hojii wangeela Yesuusidha.



## DUBBISAA : Maarqoos 2:13-17 (akkasuma Luq 5:27-32)

### YESUUS CUBBAMOOTA HIRIYYOMFATE

Yesuus gadi bahee gumii naanno harootti walgahee dhaabbate dubbate. Namoota waan hunda dhiisanii isa wajjin bu’uu danda’an gaafate. Gaafa kana abbaa ashuraa, Leewi, isa Maattewoos jedhamu argate. Abbaan ashuraa mootummaa Roomaaf hojjeta ture, waan amanamtoota hin taaneef ummanni hin jaalatuun. Ummata yihudaa irraa ashuraa guddaa guuran. Yihudooni isaaniin cubbamtoota ittin jedha. Lewiin hojii ashuraa guuruu dhiisee Yesuusiin duukaa bu’e (2:14)

Leewiin Yesuusin gara manaatti afeere. Hordoftoota isa waliin. Barsiisonni seeraa kan ta’an yihudoonnifi fariisonnis achi turan. ‘Maaliif Yesuus warra ashura guuranii fi cubbamtoota waliin nyaataa? Jedhanii gaafatan. Yesuusi moo deebisee ‘dhibamtoota malee warra fayya buleessaaf ogeessa hin barbaachisu’ jedheen. Warra dhukkubsatantu doktoora barbaadu. Warra Waaqayyo wajjin walargan itti fakkaatutti yaamuun hin dhufne. Ani kaniin dhufe cubbamoonni akka na duukaa bu’an yaamufidha. (2:17) yesuus warra gargaarsa barbaadan gargaaruu dhufe. Qaamasaanii fi lubbuusaanii fayyisuu barbaada. Isaan kun Yesuusiin haa simatu malee abbootiin amantaa garuu isa fudhachuu hin barbaadne. Isaan darbaniitu masihicha biroo dhufu eegu turan malee Yesuusin hin barbaadne. Kanafidha Yesuus isaaniin dhiisee warra lapheensaanii jabaatee fi sammuunsaanii cufame, warra isaaf gurra laatani dhaggeeffatanitti dubbachuu kan filate.



### MARIYADHAA

1. Kan akka Waaqaatti cubbuu namaaf dhiisu yesuus qofaa?
2. Yesuus maaliif “fayyaalessa qoricha hin barbaachisu?” jedhe?
3. Maaliif abbootiin amantaa yihudaa yeroo Yesuus namoota badoo ta’an wajjin nyaatatti dhiyaate aaranii?
4. Maaliif namoonni badaa gara yesuus dhufanii? Namoota al-amantii wajjin hiriyyummaa nu barbaachisa?
5. Waa’ee Yesuus dhugaa maal barannaa lakk 5, 8, 10 fi 17?



## DUBBISAA : Maarqoos 2:18-22 (akkasuma Luq 5:33-38)

### YESUUS HAALA HOJMAATA GAARII AGARSIISE

Farisonni isaan qofti akak nama gaarii ta'an yaadu. Ni soomu, sunis, hanga yeroo ta'eef nyaata hin nyaatani seera Waaqayyoo hunda ni abboomamu. Waaqayyo namni hunduu cubbamaa ta'uu dubbateera. "Namni waan gaarii godhu tokkolle hin jiru. Tokkollee ..." (Far 53:3) Phaawuloos akki jedhe 'kan Waaqayyoof sirrii hin jiru (Rom 3:10) Duuka buutonni Yohaannis ni soomu. Namoonni waan hedduuf soomuu.

- a) Yoo namni du'u gaddasaanii agarsiisuuf (Far 35:13)
- b) Waa'ee Waaqayyo yaaduufi isa Waaqeffachuu (Neh 1:14)
- c) Waa'ee guyyaa ayyaanaa seera jiru kabajuu, akka guyyaa ayyaana araara yihudootaa

Waan barbaachisaa ykn guddaa ta'eef kadhatarra turuuf Yesuus waa'ee sooma gaayilaa yihudootaa dubbateera. Idaayyaafi idaayyittiin balbalasaanii keessummootaaf akka seenan banan. Keessummoonni isaan daawwatan, nyaatan warreen gaayilaafis gammadan. Innis kun hundi kan ta'u wayita, idaayichi, isaan wajjin jirudha. Inni moo kan isaan wajjin ta'u danda'u yeroo yartuufi yoo ta'u isaanis ni gammadan. Achi innis ni ajjeeffama, isaanis ni gaddu. Yeroon itti soomanis yeroo sana. (2:20). Yesuus waan foyya'aa isaanitti agarsiisuu dhufe. Garuu yaada dulloomaa, yaada haarawaan malmakuun badaa hin hojjetu (2:21, 22). Namoonni daandisaanii dulooma dhiisanii akka isa hordofan barbaada.



## DUBBISAA : Maarqoos 2:23-28; 3:1-6 (Luq 6:1-11)

### YESUUS GAAFA SANBATAA NAMA FAYYISE

Farisooni aaranii isa ajjeessuu akka barbaadan Yesuus irratti beekee (3:67). Guyyaa gooftaa guyyaa Sanbataa waan hin hayyamamneef hojjechuu irratti itti ka'ani. Karaa jechoota isaa isa miidhuuf karaa barbaadata turan.

Yesuus nama harki naafate dhinse. Akka deebi'ee hojjetu godhe. Yesuus kan fayyiseen gaafa Sanbataati. Yesuus waan warri fariisotaa yaadanisa gaafachuuf jedhan arge "yoo Sanbata hojenne maal jedha seerii?" Gaariidha moo yaraadhaa? (3:4). Namni hin deebifna

San dura wannii jedhanii ture duuka buutonni Yesuus gara ooyirutti goranii asheeta ciratanii nyaataniiru guyyaa Sanbataan jechuun komataniiru (2:23-24) yesuus warra Fariisotaatti aare garuu moo isaaniif dhiise sababnisaas waan laphee jabaataniifi (3:5) waa'ee kanaa Fariisonni homaa hinjenne garuu haala itti isa ajjeesan karoora baafatan. (3:6) yesuus namicha harka nafaaf gara laafeessa ta'e garuu moo abbootii amantii ni tuffate sababa laphee jabaataniif. Guyyaa Sanbataa waan gaarii gochuun sirrii ta'uu ni beeka. Sanbanni kan namaaf kenname Waaqayyoof ulfina akka kennuufi (2:27) lakk 28 irratti hogguu Yesuus 'ilma namaajedhee' ufiisaa ta'uu hubadhaa. Yesuus gooftaa hundaati.



## DUBBISAA : Maarqoos 3:7-19

### YESUUS NAMA KUDHA LAMA FILATE

Yesuus gara mana naannoo haroo jirtuu dhaqe. Isa dhaggeeffachuufis ummanni baayyee yaa'ee dhufe. Ummannis walhidhiibaa Yesuusiin lallabsani. Kanaafis yabalaa irra bahee gara haroo keessatti hiiqee dhaabachuun barsiisuu itti fufe. Sagaleensaa haroora qaxxaamuree dhagahama. Booda garuu gara gaaraatti bahe.

Yesuus godina kanatti namoota baayyee fayyise (3:10) Afuura hamaa akka ilma Waaqayyoo ta'uusaa hin iyyine abboome. (3:12). Afuurri qulqulluu hin ta'iin akka isa ulfeessan hin barbaadne, sanaanis Waaqayyoon sirriin wal argachuu ni danda'a. Ummanni isatti amanee jaalalaan garasaa akka dhufu barbaada. Inni afuura xuraawaa, isatti kan amanu, sodaadhaan iyyu hin barbaadu. Kun jeequmsa uuma, barsiisasa ni danqa fi yeroosaa hidhaa dura qabu jalaa gabaabsa, Mootummaan Waaqayyoo akka hin guddanne seeyxaanni danquuf waan hunda ni godha.

Ganama tokko, miiltoowansaa walitti qabee namoota kudha lama keessaa filate. (3:14)

- a) akka isa wajjin ta'aniifu
- b) isaan barsiisuuf
- c) akka bahanii lallaban isaan erguuf
- d) akka namoota fayyisaniifi afuura hamaa abboomaniif humnasaa isaaniif kenuuf ture (3:15)

Namoota filataman keessa yihudaanis ni jira. Namni kun boodarra akka karoora Waaqayyotti yesuusin ni gana. (Yoh 6:70-71 ilaala) waggoota sadii, yesuus duuka buutoota kudha lameen akka ergamtoota Waaqayyoo ta'aniif isaan leenjise. Kanaafis 'ergamtoota' jedhee isaan yaame. Fayyinni karaa Yesuus



### DUUKA BUUTOOTA YESUUS KUDHA LAMEEN (Maarqos 3:13-19)

**Simoon** Beetesaa yidaa irraa, qurxunnii kiyyeessa. Yesuus maqaa **Pheexroos** ykn keefaa jedhe moggaaseen (kattaa) jechuudha. **Yaaqob**, ilma Zabdiwoos, 'Yaaqob hangafa' jedhameefi **Yohaannis**, obboleessasaa **Indiriyaas**, obboleessa Pheexroos (Yoh 1:40) **Filiphoos**, isa barbaadamefi argame

**Naatinaa'el**, isa **Barxalomoos** jedhame (Yoh 1:43)  
**Toomaas** (Yoh 11:16; 14:5)  
**Yaaqob**, ilma Alfoos, ykn 'Yaaqob quxxisuu' (Marq 15:40)  
**Maatwoos**, Umman ykn gibira guurtani Leewi jedhan (Matt 10:2)  
**Taadiyoos**, Yuudaa  
**Simoon** hinaaftu (Luq 6:15)  
**Yuudaa Aspoortu**, isa booda yesuusin gane.

Kiristoos ta'uu oduu gammachiisaa akka deemanii dubbatiiniif isaan leenjise (waa'ee ergamoota ibsituu Kitaaba Quqluu keenya HoE irratti barreeffame dubbisaa)



### MARIYADHAA

1. Gaafa Sanbataa asheeta cirachuun dogoggoraa?
2. Namoonni maaliif soomuu?
3. Gaafa Sanbataa waan akkamii gochuutu nuuf ta'aa?
4. Gaafa "Sanbanni namaaf tolfaame" jedhu Yesuus maal jechuusaatii (2:27)?
5. Garaagarteen barsiisa Yesuusiifi abbootii amantaa gidduu jiru maalidhaa?



Waa'ee Yesuus dhugaa maal barannaa 2:19, 20, 28, 3:4, 8, 14?



### DUBBISAA : Maarqoos 3:20-25 (Akkasuma Luq 11:14-23)

## HUMNA WAAQAYYOO SEYXAANARRATTI

Yesuus nama keessaa afuura hamaa baasaa ture (1:39) fi Fariisonnis waa'eesa mariyataa turan. 'Afuura hamaa baasaa jira' jedhani. 'hangafa seeyxanaan kana godha' (3:22)

Yesuus garuu 'akkamiin seeyxanni darbee seeyxaana ariiyataa' jedhee isaan gaafate. Isaan homaa deebisuu didnaan isaan agarsiisuuf suuraa sadii fayyadame.

- a) mootummaa namootaa wal waraan
- b) maatii namootaa wal lolaa jiran
- c) seeyxaana deebisee of lolu

Biyya lafaa kanarratti mootummaa afuura lamatu jira. Innis mootummaa Waaqayyoo isa ifaa fi jaalalaa fi mootummaa seeyxanaa isa dukkanaafi hamaadha. Afuuronni seeyxanaa dhugaa jibbuun tajaajiltoota Waaqayyoo gaadu. Kanaafis Yesuus miltoowansaa akka kadhatan kan barsiise. 'namarraa nu oolchi malee' (Matt 6:13)

Mootummaa Waaqayyoo keessatti, amajaajiin mohatamtee cubbuunis dhiifama argateera. (3:28) Garuu kan afuura qulqulluu Waaqayyotti bu'uu dhiifama hin argatu (3:29) Innis kana kan jedhe barsiisonni yihudaa farra afuura Kiristoos waan dubbataa jiraniifidha. (3:30)

Seexanni 'nama jabaa' dha dubbi mammaaka Yesuus keessatti (3:27) Inni ummata cubbuu keessatti qaba (hidha) Garuu moo Yesuus seeyxana caalaa jabaadha. Yesuus nama jabaa san hidhee hidhamtoota gad lakkisuu dhufe. Yesuus afuura hamaa ni ariiya. yesuus namoota cubbuusaanirra isaan furuuf dhufee, du'e. (Gal 3:22) Inni ummata kan seeyxaanaan qabameefi seera amanti namtolcheen hidhaman walaboomsuu dhufe. (Gal 3:23)

## YESUUS HAADHASAA FI OBBOLEYYANSAA

Yesuus haadhasaafi obboleeyyansaa dubbisuu diduun nuun nu ajaa'ibuu danda'a. Garuu lak 3:21 darbeerratti akka ifatti mul'atu isa fudhatanii adeemuu

dhufani. Isatti marmani waa'ee isaaf kan namoonni jechaa jiranitti ni shakkani. Akka waan maraateetti lakka'ani. Isaan wajjiin walmomuus hin barbaadne.

Kanaafuu, gadibahee maatiisaa dhaawatuu dhabuun, Yesuus akka isaan fedha Waaqayyo hin cabsine mirkanfata. Akka isaan farra fedhii Waaqayyo hin deemneefis gara laafina itti agarsiise. Ummata karoora Waaqayyo isaaf guute wajjin turuu barbaade – yaa'iin akka isaan barsiisu warri barbaadanii fi isaan fayyisu barbaadan wajjin. Hundinu haadhasaa fi obboleeyyansaa ta'uudubbate. 'kan Waaqayyoof ajajame hundi obboleeyyan koo fi haadha kooti. (3:35)

Yesuus haadhasaa fi obboleeyyansaa irraa garagaleera hin jenne. Yoo gadi bahee isaan ilaale, waan fedhaa fi akeeka Waaqayyo cabsanii isa fudhanii adeemuuf waan ta'eef isaan akeekkachiisu danda'a. Isaan wajjin wal haasa'u hin barbaadne. Kanaafuu warreen fedha Waaqo guutan wajjin turuu filate. Maatiisaaf waan sirii fi waan gaarii godhe.

Yeroo muraasa maatiwwan keenyaa fi aanteen keenya waan Waaqayyo akka goonuuf nurraa barbaadu akka darbine hin gooneef nu danqu. Dhimmamuu



## Maatii

Maatii jechuun aadaa adda addaa keessatti wanta addaati. Gara dhihaati, maatii jechuun ijoollee fi ijoollee akkaakooti. Afrikaatti fi biyyoota heddu keessatti, maatiin firoota, eessuma, wasiila, aadaad indootoo fi miseensa aantee maatiiti. Maatiin kiristiyaanaa kana caalaa ammata. Warra Waaqayyoti amananii fi akka inni jedheu jirenya haarawaa isa Kiristoos keessaan jiraachu barbaadan dabalata maatiin Yesuus lakk 3:34 keessatti tuqu gara jirenya Kiristoos isa haarawaati warra lammata dhalataniiti. Akkuma maatii biro, hawaasni jabaa jirenya walgargaaru ni jira. Kanaaf, gamtaa kiristaanaa kamuu keessatti, waliif yaaduu, gamtaa gara laafinaa fi qophii wal tajaajiltu arguu qabna. Hangafoota maatiif kabaja kennuufi garuu kenna miseensootaa jajjabeessu ijoollee labata haarawaaf ogummaan dhugaa Waaqayyoo barsiifamuu qaba.

Faayidaan maatii kiristaanummaa warraan gamtaa aadaa biro keessa jiraniif qoodamuu qaba. Kiristaanoni biyya hundaa obboleeyyan maatii kiristaanaati. Wal arguun, nagaa gaafachuun, waan qaban waliif qooduun addunyaaf akka fedha Waaqayyoti nagaan wal wajjin jiraachuun maal akka ta'e agarsiisifna. Amantoonni kana gochuu akka danda'aniifi Yesuus afuura qulqulluu isaaniif erge. Yoo kiristaanoni dhaggeeffatani, ni abboomamu ta'e 'Daandichi kana, irra adeemaa' (Isa 30:21) tajaajilaaf amantoota hundaan gamtaa ni qabaanna. Daandii fi aadaa keenya dulloomaa tajaajila, waaqeffanna fi amanti dhugaa nu jalaa gufachiisu (Isa 30:32) darbane gatuu qabna. Yoo kana Waaqayyo badhaadhina nuuf fida (30:33)

Yesuus 'hoolota gara kanatti hin madaqne hoolota biroon qaba. Fidee itti dabaluun naaf ta'a, yoo kana ana dhaggeeffatu, horii tokkoo fi tiikee tokko naa ta'u (Yoh 10:16) jedhe. Maatiin Waaqayyo jaalalaa fi gamtaa qabu nagaa fi badhaadha sabaa fida. Walaboomaan Orma jaalalaan tajaajiluu mallattoo maati kiristaanaati. Waan warri kaan jaalalaan walaba ta'anii hoijetan irraa dantaa argachuu hin qabu.

jaalalasaaniis beekuu qabna. Garuu fedhiin Waaqayyoo maal akka ta'e fi hoggu nuyi murtii maatii kenninu nu wajjin ta'uun akka nuyi waan guddaa hin balleessine nuu haa gargaaru.

Seeyxaan jaalalaa fi soda maatiitti fayydamuun hojji wangeela Yesuus danquuf yaalii godheera. Ta'ullee miseensonni maatii nu cabsu. Hin aariina, kofla dabarsa Maatiin muraasni hidhata hawaasummaa gaarii qabaatu. maatiin muraasni hidhata hawaasummaa gaarii qabaatu. Garuu caalatti yoo maatii Waaqayyo wajjin ta'e gaaridha keessattuu warra deegaa fi barbaadamee ta'aniin.



### MARIIYADHAA

1. Yesuus jaalala haadhasaa fi maatiisaaf qabu akkamitti ibse?
2. Nuyi maatii Waaqayyo iddila addunya ta'uu keenya maal goonee agarsiifnaa (3:34, 35)?
3. Lakk 3:28, 29, 35 irraa dhugaa Waaqayyo maal barannaa?



Walgahii xixiqqoo fi gurguddaa barsiisuudhaaf gatii maal qabaa (3:7)?

Namoota akkamitti leenjiftuu (3:14,15)?



### Mammaaksa

- Yesuus duuka buutootasaa barsiisuuf mammaakatti fayydame. Mammaaksi seenaa gabaabee guyya guyya ta'eeti garuu gadifageenyaaifi hiikkaa afuuraa qabudha.
- Mammaaksa duuka buutosaaf boodarra ibsa (4:13)
- Warri dhugicha baruu hin barbaadne jamaa keessa jiru. Hin dhagahan, hin hubatan (4:12, 24-25)
- Dhugaa Waaqayyo warri bekuu qaban, dhugaa mammaaksaa beekuuf yaalii godhan
- Hafuurri Quqluluu dhugaa jiru ilaalaatti lapheetti ni ibsa, waan Waaqayyo barbaadu (Matt 13:14-15)
- Dhugaa Waaqayyo sabni dhagahu barbaadu. (4:9) caalatti ni barata, ni jijirama.

### Faayicaan mammaaksaan barsiisuu

Warra dhugaa Waaqayyo barsiisanii lallabanii, oduu gammachiisaa waa'ee Yesuus fayyisaa keenya gorsi gaari kunooti.

1. Ergaa keessan salphaa godhaa
2. Mammaaksa jirenyaa mootummaa Waaqayyo agarsiisu himaa
3. Seenaa aadaa, umrii fi muuxanno keessanii fayyadamaa
4. Waan jechuuf jettan akka isinitti hime afuura qulqullu kadhaa
5. Seenicha bifaa diraamaa fi dammaqinaan dhiyeesaa
6. Akkuma Yesuus godhe (4:8, 21, 28, 32) baayye jajaa akka dhaggeeffattooni kolfaniifi.
7. Dhugaa Waaqayyootti dabaluuf seencha yaadadha (4:14-20, 26, 30)
8. Akkatti seenichi dhugaa hubachuuf gargaaru ibsa (4:33)
9. Warra caalaatti hubachuu barbaadan barbaadu (4:34)



## DUBBISAA Maarsoos 4:1-34 (akkasuma Luq 8:4-15)

### MAMMAKA QOTEE BULAA FI SANYII

Yesuus gara yabalaa seenee ummata barsiise. Guyyaa qabnaa kana ummanni sagalee galaanarra dhagaha ture.

Mammaaka kana keessatti, qotee buaan sanyii falaasu sun akkuma nama wangeela lallabuuti. Sanyiin moo dhugaa sagalee Waaqayyooti – Sagalee gammachiisu. namni sana dubbatu, ‘ni falaasa’ addunyaa keessa. Inni facaasaa ykn ragaadha. Kan raga ta’uu moo nama waan beeku ykn waan kana dura dhagahe dubbachuu danda’udha.

Qotee buaan sanyisaa qalqalatti naqatee, hanga danda’u darbatee falaasa (4) jechoonni Yesuusakkana turan. Lapheen banaa ture akka biyyee gaariitti sanyicha fudhata. Laphee jabaan garuu hin fudhatu.

Booda yesuus mammaakicha duuka buutootasaaf ibsa

Laphee gariin akkuma daandichaa gogogaadha. oduu gammachiisaa Yesuus Kiristoos hin fudhanne. Gatii lafichi jabaa ta’e sanyichi biqiluu hin dandeenye.

Lafa kattaa jechuun laphee daftee fudhattuu garuu moo yoo rakkoon dhufe



kan sagalee Waaqayyo gattudha. Iseen kattaa gidduu daftee guddatti. Garuu biyyeen jiru xiqqoo guddina biqilchaaf jira. Yammuu aduun ho'u biqilchi gogee du'a. Seeyxaanni dhufee ergaa isaan keessatti biqilee ture sana fudhatee adeema. (4:15)

Sanyiin qotee buaan qoree gidduu facaase jirenya waan hedduun guutame dubbatti. Asitti diina lubbuu sadantu ibsame. Kun hidda amantii reefu qaballe ni balleessa (Matt 19:22)

Waan addunyaa kanaa wanna baayyee eegi soqee booda jaalalli maallaqaa, barbachi gammachuufi injifannoo (1Yoh 2:16)

Sanyiin biyyee gaariirra faca'e akkuma laphe banama irra bu'eeti. Biyyeen gaariifi gadi seenee qotame sanyi fudhachuuf gaariidha. Inni biqilee ija ni godhata. Sanyichi dhugaa amantii Waaqayyoo jirenya haarawati hojii gaarii isa hordofee dhufudha.

Hogguu dhugaa Waaqayyo namootaaf himnu sanyi facaasaa jirra. Ykn yeroo Kitaabni quqlulluu akka dubbisan kenniuufi. Namoonni gariin hin caqasani. Gariin ni dhagahu hin hubatani. Gariin Yesuus duukaa bu'uuf ariifataniiti dafaniitu moo abdii buusu. Sababa amantiisaanii dadhabduudha. Gariin moo gammachuun 'dandii yesuus haarawaa' hordofu daandiisaanii durii gadhisu sabanisaas wanna yaada haarawaa yaaluuf jedhaniiti.

Yesuus moo yoo kun isaanii hin galle homtuu isaanii galuu akka hin dadneenye akeekkachiise (Marq 4:13) Inni kun Isa raajichi Isaayyaas (4:12, Isa 6:9, 10) keessatti sirriitti akeekkachisedha. Warreen dhagahanii hubataniif moo mootummaa Waaqayyoo keessatti jirenya firii qabeessa jiraatu. (4:20) Mammaaksi kun garaagartee namoota fayyanii fi badan gidduu jiru agarsiisa. Warra sagalee Waaqayyoo sirriitti hin dhageenyee irra waan gahuu agarsiisa. Garuu namoonni baayyeen kana hin hutatani. Garuu mogolee hin buusiinaa warri sagaleesaa dhagahan makara gaarii hammachuuf jiru. (4:20)

Yesuus akka ibsaati. Oi ka'uu qaba. Yoo kana dhugaa Waaqayyo ummanni arguu ni dadna'a. (4:22, Yoh 1:4, 5) waan ofiif argattan Ormaafis dabarsaa. Ibsaan Waaqayyo warra kaanis argee isinis caalaatti argattani (4:24)

## MAMMAAKSA WAA'EE MOOTUMMAA WAAQAYYOO

Duuka buutonni Yesuus waa'ee inni mootummaa Waaqayyoof jedhe hin hubanne, kanaaf Yesuus fakkeinya jirenyasaanii itti fayyadame dubbate. Namni biqiltuu dhaabu akkuma nama sagalee Waaqayyoo lallabuuti. (4:26) sanyichi akka ofiin margu ni amana (4:27,28). Gaafa makarasaa akka inni sanyii gaarii godhatu ni amana. Sanyiin marge hojii afuura qulqulluu jirenyaa namootaa keessatti ergaa sagalee Waaqayyoof lapheesaanii banedha.

Qotee buaan makara tolchuu hin danda'u. Amantiilen furuu qaba. Hangasitti hojjettoota isaa wajjin horii irraa eegaa qananiisa guyyaa eeguu qaba; sambira, ilbiisaafi aramaa fi qilleensa irraa eegaa.

Yesuus waa'ee mootummaa Waaqayyoo mammaaksa biro isaanii dhiyeesse. Akka biqila daftee biqilteettid ubbate yeroo waggaadhaa gadii

keessatti biqila hunda dura daftee guddatti.

Mootummaan Waaqayyoo lafarratti akka waan xiqqotti eegala. Hordoftoontti Yesuus warra barbaachisoo miti. Namoota aboo homaa hin qabne gaddeebitoota. Bara jireenyasaaniis mootimichi addunyaa beekkamturra faca'a (HoE 1:8, 17:6)

Hardha, dhugaan bakkayyu faca'a. Namoonni ykn dhugaa Waaqayyo ni tuffatu ykn ni amanu, duuka buutee Yesuus Waaqayyo ni makarata, Yesuus garuu hojjetoonni makaricha xiqqaachu akekachise (Matt 9:37)



### MARIYADHAA

1. Kan gurra qaban haa dhagahan jechuun Yesuus maal jechuudhaa (Marq 4:9)?
2. Raajichi Isaayyaas waa'ee laphee hadoodaa maal jedhee (4:12, Ermiyaas 17:9) irratti?
3. Lafti gaarii maalidhaa?
4. Sanyiin laphee namootaa keessatti biqiluu maaliin gargaara?
5. Lakk 4:14 keessatti waa'ee Waaqayyoo fi lakk 4:15 keessatti waa'ee seeyxaana maalfaa barannaa?
6. Namoonni dhugaa sagalee Waaqayyoo akka hubatanif maal isaan gargaaruu dandeenyaa (4:33)?



Sanyii eenyutu facaase (lak 26)? Eenu guddisee (lak 27, 28)? Eenu makaree (lak 29)? Facaasuu fi makaruu keessaa qabduu? Afuurri qulqulluu akka qoodasaa godhuuf ni kadhatuu, ni amantuu? Mootummaa Waaqayyo bal'isuuf kutaan Kitaaba Quqlulluu kamtu leenjisuu barsiisuuf oolaa? Hojjetoonni makarichaa akka baayyataniif ni kdahatuu (Matt 9:38)?



### DUBBISAA : Maarqoos 4:35-41 (akkasumas Luq 8:22-25)

## DUUKA BUUTONNI HAROO CEHAN

Yesuus duuka buutonnisaan gama haroo akka isa seesisan gaafate. Wayita haroo cehaa jiranitti, wajabiifi danballi yabalaa xiqqati cabsuuf ka'e. Duuka buutonni ni qaanfatan Yesuus garuu hin qaanfanne. ciisee ture.

Barsiisaa yoo dhumnu si hin gaddisiisuu jedhani Yesuusitti iyyani (4:38) Yesuus ni dammaqe. Innis qileensichaan 'caldhisi! gab jedhi' jedhe. Qileensi dhaabbate haroonis tasgabbaa'e. Danbalii gab gochuuf yeroo fudhata ture. Duuka buutonni yoo akkana ta'u kana dura arganii hin beekani ture.

Wal ilaalan isaan keessaa



tokko tiikse, eenuy kunii? Danballi fi qilleensi isaa abboomame (4:41) Isaan qilleensicha ni sodaatan fi Yesuusinillee ni sodaatan. Inni namaa oli, inni Waaqayyo! Akka dadhaban baruu barbaade.

Hogguu lapheen keenya akka galaanaa ta'ee qubachuu dadhabu, Yesuus waanuma walfakkaata nuun jedha, "Gab jedhaa! ani isin wajjini, Na amanaa'



## DUBBISAA : Maarqoos 5:1-20 (Akkasuma Luq 8:26-39)

### YESUUS NAGAA GARA LAPHEE NAMOOTAA FIDA

Galaanicha cina, siidaa fi holqa itti reeffa gatantu jira. Namni daggala achi jiraatu (5:3). Afurri xuraawaa (hamoon) jabaa akka aaru isa godhan ummanni cancalaan isa hidhuu barbaadan, garuu isaan cabsee deeme.

Hogguu Yesuus yabalaa keessaa bu'ee deemu namni argu isatti fiigee miilsaa jalatti kufe (5:6). Afuuronni hamoo Yesuus eenuy akka ta'e ni beeku. Yesuus 'maal narraa barbaadda, ilma Waaqayyoo guddaa? jedhani afuuronni hamaa iyyani. Maqaa Waaqayyoon akka nu hin mine (5:7) jedhaniin. Afuronni xuraawaa Yesuus eenuy akka ta'e ni beeku. Iyyasusin ni sodaatu. Ilma Waaqayyoo ta'uusaa ni beeku. Akka isaan irratti aangoo qabus ni beeku. Kanaafis isa sodaatu (Yaqob 2:19) Yesuus gooftaa uumama ta'uu beeku. Afuuronni hamoo hundi waan isaaf abboomamaniif isan ifata.

Maarqoos kanaafu akka Yesuus aangoo qabu nutti agarsiisa. yesuus afuuronni hamoo gara homaa booyyeetti galan hogguu booyyeen gara harooti



didichan argee akka fayye hubate. Afuura hamaarraa walaba ta'e. Innis yesuusitti amanee Waaqayyoon galateeffate. Garuu namichi booyyee arge ni baqata. Gara magaalaatti deebi'anii wanna ta'es dubbatan. namoonni hogguu seenaa kana dhagahan, ufumasaanii arguuf kaatani garas dhaqan (5:14)

Namni sammuun nagaa, miila Yesuus jala cal'ise ta'a namoonni magaalaa irraa dhufan sodaatan. Kana dura nama afuura hamaa kana ni baqatu ture. Amma moo humna Waaqayyo arganii sodaatan (5:17) Booyyeesaanii dhaban, kanaafu Yesuus achii akka isaaniif deemu kadhatan.

## **MANA GALAA MAATII KEESSANITTI HIMAA**

Namichi qarqara galaanaa Yesuus bira dhaabate, Hiriyaa hin qabu, waan nyaatu hin qabu, hojii hin qabu, iddo jirenyaa hin qabu. 'Si wajjini ni dhufa' jedhe yesuusii gaafate (5:19) Yesuusis 'gara manaa dhaqiiti maatii keef waan gooftaan siif godhe isaanitti himii ...' jedheen (5:19) haadha jalaa hatee ture. Amma yeroo itti gara mana maatiisaatti deebi'ee waan Yesuus isaaf godhe himuu fi warra kaanittis argarsiisudha. namni kun gandoota haroo Galiilaa gara bahaa jiran kudhan keessatti deemee dhugaa bahe. Ummanni kun al-yihudootaati. Yesuus gama haroo kaaniitti gara yihudoonni jiranitti cehe (5:21)

Mortoonni ykn sagaagaltonni ykn dhugduun ykn machooftuun ykn maatii keenya ni jeequ ykn ni hammeessu. Kana gochuudhaan afuura hamaa gara jirenya keenyaatti waamne. Humna Yesuus qofatu afuura kana baasuu dadna'a. Yesuus qofatu jaalala bilisummaa fi afuura jaalalaa of to'annoo nuf kenna (2Xim 1:7) Namni kun ofumaan gara yesuus dhufu yaadadha (5:6) Hogguu Yesuusis afuura hamaa abboomu dhugaatti walaba ta'e.



### **MARIYADHAA:**

1. Waa'ee Kiristoos dhugaa maal barannaa 4:39?
2. Namni afuura hamaa maaliif yesuusiin dhaqabuuf itti fiigee (5:2,6)?
3. Afuuronni hamoo waa'ee Yesuus ni beekuu?
4. Jiraattonni magaalaa iddo awwaalaa yommuu gahan maal arganii? (5:15)?
5. Namichi maal gochuu barbaadee (5:18)? Yesuus akka maal isaadhaa godhu barbaadee (5:19)? Maaltu moo ta'ee (5:20)



### **DUBBISAA : Maarqoos 5:21-43 (Luqaas 8:41-56)**

## **AMANTII DUBARII DHIBAMTEE FI HOGGANAA YIHUDOOTAA**

Jaarius hogganaan mana sagadaa tokko, dhufee miila Yesuus jalatti lafa dhahe "Intalti koo na jalaa du'uufi" jedhe. 'koottuuti harka kee irra naqi' jedheen (5:23)

Warri Yesuus marsanii jiran isa dhidhiib, dubartiin achi keessaa dhukkubsatte tokko moo garasaa dhufte. Isheen maallaqa qabdu qorichatti fixate, garuu itti caale malee hin fayyine. Garuu amantiin gara Yesuusitti hiiqxee fiixee wayyaasaa tuqx; ni fayyite.

Waaqayyo yeroo mara gaaffii keenyaa deebii ni qaba. Yesuus garagalee

gaafate. ‘eenyu na tuqe’ innis isa keessaa humni bahuun itti dhagahame. (5:30. Luq 8:45) Humni wayyaasaarra hin turre, Isa keessa ture.

Dubartiittiinis fayyuushee beekteerti. (5:29). Isheenis gara fulasaa duratti dhuftee miilasaa irratti kufte. Innis ‘amantiin kee si fayyiseera’ ittin jedhe ‘nagaadhaan deemi fayyiteetta’ (5:34) jedheen. Eenyuyyu jecha akkanaa kana dura dubartii kanaan jedhee hin beeku.

Feetu dhibee akkana ni qabdu ykn namni isin miidheera. Wanni kun baroota dura ta’eera. Waan hundaa yaaltan dadhabadniitu. Garuu eelaansaa isin keessaa hin buqqaane. Yesuusiin dhaqabaa. Inni akka isa manta fi isa fudhatan eegaa jira dhibee keessan isiniirraa kaasuuf.

Taarus ammallee Yesuusin eegaa jira. Garuu ergamoonni oduu badaan itti dhufan ‘Intalli kee dhuteeti’ jedhaniin ‘maaliif yaadaharee kana boodaa?’

“Hin qaana’iin” jedheen yesuus ‘amani’ (5:35-36) Yesuus Pheexoos, Yaaqobii fi Yohaannis isa wajjin gara manaa akka dhaqan filate. Isaan kana sadeen baayyee ofitti hiiqsa. (Marq 9:2) warra booyaa jiran argani itti hiiqani. ‘intalti hin dune raftee jirti’ jedhe Yesuus. Itti koflani (5:40) Garuu Yesuus intala harka qabee ‘Intala sittin dubbadhe ka’ii ijaajji’ jedheen. Hoggasuu afuurri intalaa itti deebi’ee kaatee dhaabatte eemuu eegalte.

Yesuus humna kennuufi deebisee fayyisuu ni danda’a. Amantiin isa bira gahuudha. Yommuu isa barbaadan kadhatarra turaa. Deebii kennuuf waadaa galeera. (Ibr 13:8, 1Phex 5:7) Akka namoonni kun lameen Kitaaba Qulquulluu keessatti godhan amanaa.



### DUBBISAA : Maarqoos 6:1-6 (Akkasuma Luq 4:16-30)

## NAAZIREETITTI AMANTIIN HIN TURRE

Yesuus gara Naazireetitti deebi’e, iddotti guddate (Marq 1:9, Luq 2:39) Mana Sagadaa keessatti barsiise, lafa walgeetti abbooti amantaa yihudootaati, gaafa Sanbataa. Warri isa dhagahan hundinuu ni ajaa’ibsifatani (6:2).

Garuu inni masihicha ta’usaa hin amanne, ykn inni Kiristoos ta’uu hin fudhanne. Achitti namoota muraasa qofa fayyise, sababnis ilma Yoseef muka sooftuu ta’usaa waan beekaniif (6:3) Isatti hin amanne. Kan isaan beekan Yesuus ilma Yoseef fi Maariyaam ta’usaa qofadha. Kanaafu Yesuus ilma Waaqayyo ta’usaa fudhachuu hin barbaanne.

Namni iddo baayyee gahuun warra kaaniif eeba fiduu ni danda’a. Garuu manatti gatiihin argatu. Kanaafis kan sababa ta’uu inaaffaadha. (ABC)

 Hiriyyoota keenyaaf, firottan keenyaaf, ollaa keenyaaf, hojjettoota keenyaafi waldaa keenyaaf ragaan keenya maalidhaa? (Lak 2,4) maal jennaa (Lak 5,6) maal goona?



## DUBBISAA: Maarqoos 6:6-13 (akkasuma Luq 9:1-6)

### YESUUS DUUKA BUUTOOTA KUDHA LAMEEN ERGE

Yesuus Naazireetiin dhiisee gara gama magaalaa Galiilaa dhaqe. Jirenyi isaa biyya lafaa dhumattutti jira. Iddoon baayyee oduu gammachuu kana hin dhagahiin jiran kanaafu deemanii akka baasaniif humna isaaniif kenne, humna kanaanis deemanii dhukkubsattoota akka fayyisan godhe (6:7)

Yaadadhaa waan isaaniin jedhe 'mudhiirraa Daabboo hinqabaatinaa, koloo hin qabaatinaa, maallaqa hinqabaatinaa' jedheen. Hojii kana Waaqayyoof waan hojetaniifu nyaataafi maaallaqaafi yaadda'uu hinqaban. (4:19, 6:8) Waaqayyotti qofa amanuudha.

Humni walfakkaataa duuka buutotaaf kenname amantoota keessaas ni jira. Duuka buuttonni bahanii barsiisuu eegalan. Ummannis qalbii diddiratee, cubbuu issarrraa akka garagalufi Waaqayyotti garagalu himan (6:12). Beeka qobaa isaanii hin deemne, lama lama ta'aniiti (6:7).

Hogguu maatiin isaanii simatu, gara isaaniitti seenanii waa'ee Waaqayyoo isaaniif dubbatu. Namoota dhibaman dhadhaa ejersaa itti kicuunifi afuura hamaa ifachuun baayyoota fayyiisan (6:13).



#### MARIYADHAA

1. Yesuusitti eenyuu amanee – Taarus YKN intalasaa?
2. Duubartiin uffata Yesuus qabde Yesuusitti moo huccuu isaatti amantee?
3. Maaliif Yesuus Naazireet keessatti dinqii heedduu hinhojetin hafee?
4. Waa'ee Yesuus yeroo namootatti dubbattu maaltu ta'uu danda'aa (6:11)?



Warra deeganiifi waa barbaadanif niqarraamatuu moo isaaniirraa baqattuu, warra fayyinaaf amantii tuffatanii? Warra waa barbaadan hundaaf yoo argitan ni kadhattuu?



## DUBBISAA: Maarq 6:14-29 (akkasuma 9:7-9)

### HEROOD YOHAANNIS CUUPHAA AJJESE

Mootichi Herood biyya Galiilaa bulcha. Yihudootaaf fira miti michuu warra Roomaa ture. Lafa ballaa Israa'el waan bulchuuf 'mootii' jedhame (Matt14:1) Yesuus nama dhibame fayyisuufi afuura hamaa ariyu dhagahe. Namoonni garii Waaqayyo Yohaannis cuuphaa deebisee kaase jedhan. Gariin ammoo "Elsa'i" jedhan Gatii cubbuu qabuu wanni kuni Heroodii goole.

Yohaannis waan isaaf lallabeef mana hidhaa galche. (6:16-18) Yohaannis Heroodin "niitii obbolessa kee Filiphoot fuudhuun siif hinta'u," Niitiin Heroods, Heroodiyaan Yohaannis jibbite. Kanaafis, Herood Yohaannisin ni hidhe, isas ajjeesiise.

Sababa Heroods Saloomeef waadaa galeef, intala isaaf akka dhaqanii Yohaannis ajjesan ajaja baase. Nama fulduratti jechi isaa dogoggora akka jedhamu hinbarbaadu, waan kanas irra deebi'ee yaaduus hin barbaadne (6:27)

Garuuu Heerood irra deebi'ee Yohaannis dhagahuu barbaade, ykn Yesuus argu barbaade. Booda Herood Yesuusis ajjesu barbaade Yesuusin "Herood sarichatti dhagaa himaa gara Yeruusaalem dhaquu koo ittuman fufa jedhaan" jedha (Luq 13:33) Yesuus hogguu qorumsaa fi mooticha dura dhaabate Herooditti deebi hin deebisne. (Luq 23:9) Yesuus akka namichi amajaajin kun karoora Waaqayyo cubbuutti nama fayyisuuf qabu dhaabuu akka hin dandenye ni beeka ture.



## DUBBISAA : MAARQOOS 6:30-44 (akkasuma Luq 9:10-17)

### YESUUS NAMOOTA KUMA SHAN SOORE

Yesuus duuka buutoota isaa wajjin hin nyaanne sababa namni hedduu dhfee-deemuuf (6:31) 'Na wajjin koottaa... gara caldhisa qabuti' jedhe. Isanis isa wajjin gara bidirutti (yabalda) seenanii galaan qaxamuran gara Beetesayidaatti (Luq 9:10)

Ummanni akka Yesuus isaan dhiisee ceaha jiru arganii mataa marsani. Dhukkubsataa baatani akka isas argatan abdatanii deemana.

Yesuus garuu isaaniif gadde "akka hoolota tikee hin qabnetti isaan arge. Hangam takka akka isa yaaddese, ko'ummaa fi badinsa faanii ni hubate. Kanaafis isaan barsiisuu eegale. Garuu moo duuka buutonnisa ni dadhabani. Kanaafis sanarra adda bahuu barbaadan. Ofi boqochuufis Yesuusii sababa sadii dhiyeessani.

- a) Nyaatuufis, rafitiifis iddoorra fagaachusaanii
- b) Dhihuusaa waarifachuusa
- c) Nyaata barbaadusaanii ture.

Yesuus duuka buutootasaani "waan nyaatamu isaaniif kennaa jedhe ajaje. Filiphosi moo" miindaan baatii saddeeti daabboo afaan guuttullee bituu hin dandeessu (Yoh 6:7) jedhen. Achi Indiriyaas moo "Asi gurbaan biddeena garbuu xixqqoo shank an qabu fi qurxummii xixqqoo lama kan qabu ni jira, garuu sun hangam walgh? (Yoh 6:8)

Yesuus namoonni akka gadi-ta'an ajaje, galateeffateeti biddeenicha fofotoqsee, duuka buutootatti kenne, akka jamaadhaaf dhiyeessaniif (Maarq 6:41) Duuka buutoni hanguma biddeena dabalani dhiyeessan adeeme. Ni ajaa'ibsifatani "hundisaanii nyaatanii quufani..." Yesuus duuka buutota kan itti fayyadamu dinqicha akka isaaf raawwatanidha. Yesuus, ilmi Waaqayyo, kan nu filate akka hiyyeyyiisaa beela



©

baafnuufidha. Gariin keenya akka mucaa xiqqooti- dhiyeessitoota. Gariin akka duuka buutootati – hirtoota. Addunyarra hiyyeeyyi beelahantu jiran. Qabeenya jirenyaa argachuuf kan eeggataa jiran. Qabeenya keenya, yeroo keenya, ogummaa keenya, ofii keenya hanguma Yesuusif kennine biddena jirenyaa hiyyeeyyi beelahaniif akka ofii keenya kennineefi. Yommuu kana gonuu hanga Yaadameen ol of duroomsina (Jom Hale)

Kiristaanonnee yeroo mara hojiin nutty guddate jedhanii komatu. Waaqayyo garuu wanna barbaadnu nuuf kenne, fi sana caalaa (Filp) Waaqayyo wanna qabnu qabatee jijiiree itti fayyadama, yoo nuyi garuu isa dhikfanne, wanna kennuuf jennuun yoo dinqii hojjetu arguu hin dandeenyu.



### MARIYADHAA

1. Heroods Yesuusii fi Yohaannisitti amanuu dhabuunsaa maaltu dhalatee (6:21-29?)
2. Duuka buutonni jamaa organitti maaliif aaranii?
3. Yommuu oolmaa Waaqayyo nutty guddatu maal goonaa? Amantiin keenya akkamitti guddataa?
4. Waa'ee Iyyasuuus dhugaa mala baranna 6:31, 34 fi 41?



Hogguu fedhiin guddachaa adeemu, harka kennitu, ykn ni tuffattu, ykn gargaarsa kan oolu wanna xiqli xiqli hojjechaa waan kana keessan Yesuus dinqii akka hojjetu eegdu?



### DUBBISAA : Maarsos 6:45-56

## YESUUS BISHAAN GALAANAARRA ADEEME

Yesuus duuka buutoota bidiruudhaan geggeesseet Jamaas geggeesse ofii tulluutti bahee kadhate. Duuka buutonnisa bidiruun ceaha jiran utuu rakkatanii arge. Galaanicharra deemaa itti dhaqe. Isaanis isa organii sodaa keessaa isa waammatan. Achis sagalee dhagahan. Hin sodaatiina! Anadha (6:50) Sagaleesaa ta'u siritti beekani. Sagalee abjuu miti. Sana dura si'a baayyee isaan yaame ture. Sodaataniiru. Garuu sagaleensaa boqonnaa isaanifi kenne. Innis gara yabalaa seenee, danballi galaanaas ni dhaabbate. (6:51)

Yeroo tokko tokko jirenya keessatti kan dhalatu danbali ni jira. Jabaanne hojjenna ni qabsoofna, sababa qaafannuu fi Waaqayyo hin amanneef. Yesuus Yeroo gara keenya dhufu sodaan keenya ni bada. Inni waan nagaafi jabina amantii nuuf fidee dhufuufidha. Hoggu inni nu wajjin ta'u, rakkinni keenya ni deema.

Ammalle duuka buutonni yoo amantiisaanii guutuu hin ta'iin argina. Yesuus duukaa bu'aniid inqii Waaqayyo organiiran, garuu ammallee hoggu inni danbalii san dhaabu fi galaanarra adeemu ni dinqisiifatu.

Akkuma Yesuusii fi duuka buutonnisa Genesireexitii cehanitti, jamaan dhukkubsattoota baatanii garasaatti fiiganii dhufan (6:53-55)



### MARIYADHAA

1. Yesuus duuka buutoota bidiruun geggeessee (6:45, 46)
2. Halkan sana rafuurra maaliif Yesuus kadhataa bulee?
3. Xumura boqonnaa 6 irratti, waa'ee kaayyoo yesuus duuka buutonni maal baratan, inni hangam namaaf yaadaa, humnasaa woo?
4. Waa'ee Yesuus dhugaa mala barannaa 6:46, 48, 50?



## DUBBISAA : Maarqoos 7:1-23 (Matt 15:1-20)

### FIRISOOTA BARSIISUU

Yihudoonni wayita nyaata nyaachuuf jedhan harka dhiqatu. Akka addaattis dhiqatu. Duuka buutonni utuu hin dhiqatiin nyaatan, kun moo fariisotarrraa addadha.

Yesuus fariisoota kana uftultoota jedhe yaame. Isaan qofti qulqulloota jedhani yaadu. Harka haa dhiqatan malee lapheensaani qulqulluu miti. "Wanni ala qulqulleessu keessa hin qulqulleessu." Yesuus "kan afaanii isin bahutu isin xureessa" jedheen (7:15) Waaqayyo laphee namootaa ilaala. Inni eenu akka taane ni beeka, waan keessa keenyatti yaadnu ni beeka. (Far 16:2) Yesuus 'abboomii Waaqayyoo hin hordofne namoota barsiisuu irraa of qabdaniitu' (u:8) jedheen 'Isaayyaas waa'ee keessan sirrii ture' jedheen Yesuus (Isa 29:13) Raajichi sagalee Waaqayyo hogantoo amanti Fariisootatti dubbate. Sagaleen quqlulluu kun akka dhaabatanii yaadan isaan gargaaru qaba, garuu fariisonni oftuloo sagalee Waaqayyo ni mormani, gara aadaati of qaban – waan abbonnisaanii isaan barsiisan otuu hin nyaatiin dura dhiqachuun aadaasaaniiti.

Yesuus akka isaan, seera Waaqayyoo jijiiran itti hime. Fakkeenya isaani kenne; abboomi hin eegne. "abbaa keessani fi haadha keessan kabajaa" iddo kana seera mataa keessanii buuftani. Ilmi abbaa fi haadha gargaaru dhiisee "kun qurbaana" akka jedhu taasisani. Qurbaana jechuun "aarsaa Waaqayyoof kennamudha". Yeroo baayye maallaqadha. Akkanatti gurbaan warra gargaaru irraa of qaba (Marq 7:11-12). Kanarra waan gaarii gochuurraa homtu akka nuqabuu hin dandeenye hubachu qabna. Kitaaba Qulqulluu guutuma hayyamu qabna, malee gar tokkeesaa miti.

Boodarra duuka buutonnisaan mammaaka laphee hin qulqulloofne isa gaafatani. Innis "ishii hin galley?" jedheen. Achiis laphee namootaa keessaa afuura hamaatu baha. Sagaagaltummaa, hanna, ajjeecha gaalamootummaa, doqnooma, gowwomsaa fi soba jedheen. Isaan kun hundi keessa namootaati waan bahaniif nama xureessu (7:21-23)

Kanaafu harka dhiqachun laphee namoota hin qulqulleessu. Waaqayyo qofatu keessa quqlulleessa. Hogantoonni amantii Yihudootaa alli akka qulqulla'u barbaadu. Waaqayyo moo keessa qulqulleessa. (7:6) Fariisonni garii amantii qabu aadaarra, sagalee Waaqayyos caalchifatu. Kanaafis Yesuusi moo of tultoota ittin jedhe; akka waan gaarii godhaniiti of yaadu. (7:6 Luq 11:37-54; Luq 12:1-3) Namoonni seera Yihudoota qulqullummaa fi xuraawummaa eeguu hin qabani (7:19) (Yihudoonni foon hunda akka hin nyaanne dhorkamaniiru)

Nyaaticha miti balleessaan. Isa yaadnuufi goonutu Waaqayyoof barbaachisa.

Fariisonni sagale Waaqayyo barruu quqlulla'aa irratti barreeffaman balleessaniiru (7:13)



### MARIYADHAA

1. Jechoonni Isaayyaas barraa quqlulluurra jiran hanga hardha dhugaa hordofaa?
2. Barsiisa Yesusii (7:21-23) fi abboommi kurnan (Ba'u 20:1-17) wal bira qabii ilaali.
3. Waldaan keessan seerrii fi aadaan qabdu barsiisa Yesuusiin hordofaa?



Yesuus raajii KM irratti seera irratti, hoggantoota irratti fi barsiisoota irratti (7:6:13) ilaalcha maal qaba.



### DUBBISAA : Maarqoos 7:24-37

## DUBARTII AMANTII QABDU

Yesuus naannoo sana dhiisee gara Xiyroositti ka'e, gara garqara galaana Meeditaraniyanatti. (7:24) xiyroosii fi Siidoon magaaloota durii qarqara galaana guddaa (Meeditaraniyyaa) ti argamanidha. Ummanni naannoo sana jiraatani Ormoota; Yihudoota miti. Waaqolii waaqeffatu. Xiyroosi galaana Galilaa irraa maayila 40 (km 60) fagaatti. Yesuus namoonni eessa akka jiru akka beekan hin barbaadne ture. Garuu achittis, ummanni Yesuusiin adda baasee beekeeni jira.

Dubartittiin isa bartee yaamteen. Yesuus intalashee akka fayyisuuf gaafatteen. Dubartin kun yihudaarra miti, dhuftee miilasaa jalatti kuftee gargaarsa isaa kadhatte.

“Dursa ijolleen haa nyaattu” jedheen Yesuus ‘nyaatasanii sarootaaf darbachuun hin ta'u’ jedhe kana jechuunsaa kan inni dhufe dhugaa mootummaasaa warra yihudaa barsiisuuf akka ta'e yommuu dubbatudha. Waan inni jedhes isheedhaa galleera (Yoh 1:11 Matta 10:5,6) yeroon inni itti ‘daabboo kennu’ Ormootaaf (ol yihudootaa) boodarra ni dhufa (Marq 16:15) Dubartittinis ‘saroonnis waan ijolleen harcaasan taa'umsa jalaa haratu’ jetteen (7:28) kana jechuun amantiishe agarsiifteen, ofis hin dhiibne. Yesuus dubbishee raajeffatee akka intallishee fayyite himeef (7:29) Hang asana salphaa ture.

Mootummaan Waaqayyoo hundaaf waan ta'eef dubartiin kun yihudaa ta'u baattuus gaaffishee dhiibdeetuma gaafatee. Magaalaa san keessaa ishee duraati (Matt 8:13, 11:12). Wanti gaddisiisu yihudoonni hedduun Yesuusiti amanu dhabuusaaniiti. Garuu keessummonnii fi namoonni gadbu'ii ta'an jamaa sana keessa amantii jabaa qabu. Yesuusi moo kan isa amane hunda fudhate.

## YESUUS NAMA DUUDAA FI GIINGEE FAYYISE

Yesuus Xiyroosi irraa gara galaana Galilaa gamatti naanna'e (kaartaa ilaala). Al -yihudoota giddutti dinqi hojjechusaa ittuma fufe. Eegi maayila 100 (km 150) ol deemeen booda Yesuus nama duudaa fi dubbachu hin dandeenye fayyise. Namni kunis kara ummata gara Yesuusitti isa fieddn fayye.



### MARIYADHAA

1. Yesuus utuu intalashee hin fayyisiin dursa maaliif dubartittiiti akkanatti dubbatee (7:27)
2. Dubartiin Ormaa sun yesuun eeba maal gaafattee?
3. Waa'ee Yesuus maal amantee?
4. Yihudoota hedduu caalaa isheen waa'ee Yesuus hubachuakkamin beeku dandeenyaa?



Yesuus nama duudaa fi gingeetti maal jedhe, maal godheef otuu isa hin fayyisiin dura (7:33-34)? Dinqii battalaa eeguu qabnaa? Yoo deebii qixaa argachuudhaa baanne abdii kutuu qabnaa?



### DUBBISAA : Maarqoos 8:1-38

## YESUUS DUUKA BUUTONNISAA AKKA HUBACHIISE

Boqonnaa kana keessatti, duuka buutonni waa'eesaanifi waa'ee Yesuus hedduu baratan:

1. Duuka buutonni amantii xiqqachuufi laphe hadoodu (8:17-21)
2. Pheexroos Yesuusiin eenu jechusaa (8:29)
3. Yesuus waa'ee du'asaa fi ka'uusaa dubbachuu (8:31)
4. Hordoffonnisaan fannoo baachuufi isa hordofu (8:34)
5. Yesuus deebi'e dhufusaa dubbachu (8:38)

Yesuus hoggu dubbatu jamaatu dhaggeeffata (8:1) Isaaniis guyyoota sadifisa wajjin turan. Homaa hin nyaatin jiran. Suuqiin hin jiru, wanni nyaatamus hin jiru, Garuu duuka buutonni buddena toorba qabu turanii

Yesuus turban sana fudhatee 'Waaqayyoon galateeffatee caccabsee duuka buutootatti kenne, akka ummataaf raabsaniif (8:6) Duuka buutonni qurxummi xiqqoo ni qabu ture. Yesuus Waaqayyon galateeffate. Duuka buutonni dinqicha hiran (8:7) Yesuusiif ajajamanii nyaaticha hiran. Yoggu Yesuusif amanamne, abboomii fudhannu, dinqiin akka raawwatamuuf karaa banna. Hanga nama 4000 caalaa dubartootaa fi ijooluta dabalate nyaatan.

Yesuus eegi namoota geggeesseen booda, gara bidiruu duuka buutoota wajjin seene galaana Galilaa gamatti cehe. Kunis gara dhiha galaanichaa iddo warri yihudaa jiraatanidha.

Achitti, Fariisonni mallattoo Waaqarrraa (8:11) gaafatan, kanas isa qoruuf godhan, ofisaanis humnasaajabaa arguuf godhan. Amanti hin qaban, kanaafis gaaffiin isaan dhiyeessan yesuusin aarsee gaddisiise. 'mallattoon homtuu isanaiif

hin kennamu.' (8:12) 'mallattoo Yoonaas malee (Matt 12:39) jedhe kanaan, yesuus bulti sadiif awwaala keessa buluusaa dubbate (Matt 12:40)

Wayita duuka buutonni gara Beetesayidaatti yaa'an, Yesuus 'raaceta Fariisotaa fi raacata Heroodis ilaalaa (8:15) jedhe. Duuka buutonni isaani hin galle ture. Yesuus kana kan dubbate waan isaan daabboo bituu dagataniif se'ani. Garuu Yesuus waa'ee cubbuufi xuraawummaa dubbate. 'Amantii dhabuu keessani akka hinsaanii hin fakkeessinaa' isaaniin jedhe.

Buddeenni addunyaa kanaa hin dhumu. Warra isatti amanani bara bараан kan quubsu Yesuus qofa. Inni 'buddeena jireenyaa'ti.

Beetesayidaatti ummanni jaamaa tokko gara yesuus fidani, akka ijasaa tuquuf kadhataniin (8:22) Iddoon kun iddootti Yesuus nama tokko fayyisuuf yeroo lama itti yaaledha. Duuka buutonni akka jaamaa kanaati. Waan Yesuus waa'ee mootummaa Waaqa isaan barsiise ilaaluu hin dandeenye. Kanaafu waan Yesuus dubbatuu fi godhu irratti xiyyeffachuu isaan barbaachisa.



### MARIYADHAA

1. Lakk 7:33-34 fi 8:23 ciinaayisaa?
2. Lakk 8:2, 3, 12 fi 17 keessaa dhugaa Kiristoos maal baranna?



Dinqiin akka ta'uuf sadarkaa dadammaqinaa (8:3), amantii (8:4, 5) fi aarsaa (8:6-8) akkamiitu nurraa eegamaa?

## PHEEXROOS YESUUS KIRISTOOS TA'UU AMANE

Hogguu Yesuus duuka buutoota isaatiin 'anaan eenu jedhu? Gaafatu magaalaa keessa darbaa jiru turani. (8:27) Inni kan barbaade waan isaan jedhaniidha. Isaanu maal akka isaan jedhan dhugumaan dhagahu fedhe.

Isaanis "Gariin Yohaannis cuuphaa sin jedha, gariin moo eliyaas sin jedha, kaani moo raajota keessaa tokko sin jedhu (8:28)" jedhaniin.

'Isinoo maal jettu' jedhe gaafateen "anaan eenu jettu?" (8:29). Pheexroosi, 'ati Kiristoos' jedheen. Jechuunsaas Kiristoos, masihi, isa Waaqayyo abdi kenne. Mootichadha.

Yesuus deebii kanatti gammade.

"Hubannaan kun namaan siif hin kennamne" jedheen Yesuus abbaa koo isa Waaqarraan malee"

## DAANDII GIDIRAA

Xumura barsiisa isaati, maaltu akka itti dhalatu duuka buutoota isaaf dubbate. Waan hedduu gidiraa argee du'atti deemaa jira (8:31)

Mammaakaan odaa hin taanee qixaan itti dubbate. Dhiyeenyatti ni ajjeeffama. Ilma namaa ni fudhatama.

- Ummatasaan
- Hoggantoota amantiin
- Luboota gurguddoo aangoo qabaniin.

Hundisaanii iyyanii “ajjeesin” jedhan. Garuu guyyaa sadiin booda, warra du'an walakkaadhaa ni ka'e. Pheexroos waa'ee kanatti ni aare. Yesuusin achi baasee isa jajjabeessuu yaale. ‘Gonkumaa Gooftaal!’ jedhen. ‘kun hundi sirra hin gahu!’ jedhe (Matt 16:22)

Yesuus Pheexroosiif warra kaan ilaaleeti. ‘Seeyxanaa tur na duraa ‘wanni yaadduu fi jettu waan Waaqayyo miti!’ (8:33) Yeroo gabaabdu keessatti, Phexroos Waaqayyon dhaggeeffachuurra (ati Kiristoos isa jdhe) gara seeyxana dhaggeeffachutti garagale.

Wanni Pheexroos jedhu wanna barbaadedha. Kana moo seeyxaanatu afaan pheexroos kaa'e. Seeyxanni karoora Waaqayyoo balleessuu fi ykn dhaabuuf waan hundatti fayyadaman. Pheexroos karoora Waaqayyoo hin hubanne ture.

## FANNOO KEESSAN FUDHAA YESUUS HORDOFAA

Yesuus kan deemee du'u yoo ta'e Pheexroos isa hordofu hin barbaadne ture. Kanaafu Yesuus duuka buutu ta'uun gatii akka qabu issaan akeekkachiise. Duuka buutuun hundi fannoo ofii baatee akka ka'u jedhe. Fannoona jirenyaati. Namni hundi ofii jcha du'aaf haa qophaa'u (daandii jirenya ofii baafachu) fi fedha Waaqayyo jirenyasaaniif ta'u fudachuu qaba. Sana wanni Pheexroos gochu qabu ture. Kiristaanotaaf, fannoo Kiristoos meeshaa miti. Warqee mormarrraa miti. Fannoonsaa jechuun jirenya duriitti du'uu jechudha. Hogguu fannoo Kiristoos kaafnu Waaqayyon tajaajiluuf jiraanna. Wanna isa gammachisu qofa hojjenna. Fannoo jechuun ofitti du'uu jechuudha. Garuus jirenya haarawa isa nu keessatti dhalatee jechuudha.

Namni yesuusin hordofuu barbaade of irraanfachuu qaba. Fedhiisaa hunda gatuu qaba. Yesuus jirenyasaa guutuu kana godhaa ture. Ulfinasaa fi humnasaa cufa dhiisee akka ilmaatti fedhii abbaa raawwachuuf gara lafaa dhufe. (Filp 2:7-8) Hordoftootasaas daandi jirenyaa walfakkaataa isaan afeera. Warra badan barbaaduu fi fayyisuuf waan hund adhiise.

Yesuus hoggu hordoftonnisaa fannoo akka kaasan itti himu (8:34) Yeroo itti ilmi namaa fudhatamee gara gaaraatti ol baafame Yerusaalem alatti fannifamuuf jedhu yaadaati.

Yesuus waan inni duuka buutoota isarra barbaadu Waaqayyo of dura buusanii oduu wangeelaa akka tamsaasaniifu ture (8:35) Namoota gariif hanga lubbuun durbuutti deemuu ni danda'a. Kanaaf qophoofnee? Yesuus nu keessa jiraatee nagaa, gammachuu fi abdii fi humna ittin cubbuu mohannu akka argannuuf afuura quqlullu nuuf kenne. Waaqayyo kennya sadan tokkciah, Abbaa, ilmaa fi afuura qulqulluu.

Yesuus waa'ee deebi'e lammata dhufuusaas dubbate (8:38) sana kutaa lammata wangeela Maarqoos keessaati ilaalla.



### MARIYADHAA

1. Gaaffileen lameen Yesuus waa'eesaa gaafate maalidha? (8:27-29) Deebiin keessan maalidhaa?
  2. “Duuti ofii yommuu jabaa fakkaatu” maal yaadannaa? (8:35)
  3. Qaama namaa caalaa maaltu qaaliidha? (8:36)
- Yoo Yesuusin hordofnee lubbuun keenya baate soda ni qabnaa? Caalatoo maal sodaannaa? (8:38)



## Wangeela facaasuu

Yesuus wanna isaan barsiise hundumaa akka darbanii nama hundumaa barsiisan duuka buutoota isaatti siiritti himeera. (Matt 28:20) Lallabdonni gariin waa'ee oduu gammachiisaa Yesuus (wangeelaa) yommuu barsiisan, Waaqayyo nama hundumaa akka jaalatu, akka isaan eebbisu fi yo kan Yesuusin hordofan ta'e moo waan gaarii akka isaaniif kenu ni barsiisu. Garuu moo Waaqayyo waan quqlulluu ta'eef akka inni cubbuu hin jaalanne barsiisuu dagatu. Nuyi qalbii jijiirrana akka nu barbaachisuus hin dubbatani. Yesuus duukaa bu'uunis akka inni gatii nama baasisu dubbachuu irraanfatu. Yesuus kan dhufe dhugaa Waaqayyo bira ture hundaa nutty himuuf ture. (Yoh 18:37) cubbuu keenyaaf adabamuun akka nurra jiru Waaqayyo ni beeka. Kanaafis cubbuu keenya jalaa walaba akka baanu ni barbaada. Yesuus kana hundaa fannoorratti du'uun nurraa oolchuuf dhufe. Yoo qalbii jijiirrannee kanatti kan amannu ta'e cubbuu keenyaaf dhiifama argachuun, birmadoomuun Waaqayyo biratti fudhatama ni arganna. Yoo kana innis akeeka haarawaa jirenya kana keessatti hunda nuuf ni kenna. Gara fuula duraattis abdii nuuf ni kenna; yoo kanjeequmsi yeroo yerootti jiraatullee ta'e numa nuuf tolcha. Fannoo keenya fudhannee Yesuus duukaa bu'uun nuuf dirqama ta'a (Maarqos 8:34) kan nuyi barsiisuu fi lallabu qabnu moo wangeela guutuudha.

Wanna dogoggoraan gootullee wanna dogoggoraan yaaddullee Waaqayyo numa si jaallata. Waaqayyo ilmasaa Yesuus Kiristoosin, karaa Waaqayyo sitti agarsiisuuf siif ergeera. Kanafis Waaqayyo akka inni fannoo irratti du'e jaalala nuuf qabu agarsiisu godheen. Yesuus adaba nuyi cubbuu keenyaaf fudhachuu qabnu, ofii fudhatee gatii guddaa itti baase. Yesuus nama akka keessanii fi akka koof du'e.

Guyyaa sadii booda Waaqayyo yesuusiif cubbuu haarawaa kenneef

Yoo Yesuusitti amantanii, cubbuu keessaniif dhiifama gaafattan, inni isiniif ni dhiisa. Jirenya haarawaas isiniif ni dhiisa. Jirenya haarawaas isiniif ni kenna. Daandii gadhee keessani irraas isin deebisa. Yoo kana Waaqayyo wajjin sirrii waliif taatu, isa wajjinis bara baraaf ni jiraattu.

Waaqayyo kana hunda tola isiniif godha. Wayita isin abdiin tokko hin jiru jettanii yaaddanitti

[Mark part 1 1st edition Oromo 2009, rev 2023]

**Published by:**

Manna Publications (UK)

**Printed by:**

**Distributed by:**

# **MAARQOS : Barsiisa Yesuus ganamaa**

- ◆ Maarqos eenyuu?
- ◆ Yohaannis cuuphaan eenyyu?
- ◆ Yesuus duuka buutoota isaa filate.
- ◆ Dinqii Yesuus
- ◆ Yesuus hiriyyaa cubbamtootaa
- ◆ Humna Waaqayyo Seeyxaana irratti
- ◆ Maqaa Yesuusiin fayyisuu
- ◆ Barsiisa Yesuus

Kitaabni kun waa'ee barsiisa yesuus gaafa ganamaa dubbata.  
Waa'ee barsiisasaafi fayyisuusaafi hordoftuu Yesuus jechuun har'a  
maal akka ta'e dhiyeessa.

**MAXXANSAAN MAANNAA** Ibsituu Kitaaba Qulqulluu Firaad  
Mooriis barreffame dhiyeesse. Baroota dheeraaf Fireed, fi  
niitiinsaa Loornaa, barsiisaa fi lallabaan addunyaa mararra  
naanna'aniiru. Hoggu manatti deebi'an yaadanno kana  
barreessan maxxansuu fi gurguruuf. Kunis barsiisa  
kiristaanummaa barbaachisuuf kan oolu ta'e

**MAXXANSI UK HAAROMSAME**, Kun afaan Ingiliffaa akka  
salphaatti dubbifamuu fi hubatamuu danda'utti fi akkasumas  
afaan barbaadametti akka hiikkamuufidha. Dubbistoota hundaaf  
ni barsiisa, bartoota barsiisota, paastaroota Kitaaba Qulqulluuf  
ammo yaadannoo dabalataa kenna.

**KITAABA** kana ofi keessan ykn gareedhaan qo'achuun ni  
danda'ama. Dhugaa Waaqayyo barsiisu. Ilma Waaqayyoo baruuf  
gargaaru, Yesuus Kiristoos waa'ee amantii keessan  
Waaqayyootti qabdan irratti marii gootan gargaara. Afuura  
qulqulluu Waaqayyoo akka isin geggeessu, dogoggora irraa isin  
qabu karaa jirenyaarra deemtan isin gargaara. Jirenya  
Waaqayyon gammachiisu akka jiraachuu dandeessan isin  
gorsa.

Akka ibsituu Kitaaba Qulqulluu kana dubbiftanii nageenya  
haarawaa fi akeeka jirenyaa qabaataniif isinii kadhanna.

## **Maxxansa Maannaa**

### **IBSITUU KITAABA QUQLULLUU BU'UURAA**

Iccitiin mootummaa Waaqayyoo siif kennemeer (Marq 4:11)